



Pirofeesar Gargaaraa Zalaalam Tasfaayee



Obbo Shimallis Hayiluu

Badhaasa olaanaa 'Agricola' Doktor Abiyyi ifaaja olaanaan gonfatan

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Itoophiyaan waggoota hedduuf beelaan beekamaa turte hoggansa Ministira Muummee Doktor Abiyyiin hojii gaariin beekamtii gonfachaa jirti. Yaa'ii Itaalii-Afrikaa kan Dhaabbata

Nyaataafi Qonna Addunyaa Mootummoota Gamtoomanii (FAO) Xaaliyaan, Magaalaa Roomitti taa'amerratti kan hirmaatan Doktor Abiyyaa hojii boonsaa wabii midhaan nyaataafi misooma magariisaarratti hojjetaniin badhaasa olaanaa dhaabbatichaa 'Agricola' jedhamu harka galfataniiru.

Badhaasni olaanaan kun namoota wabii nyaataa addunyaa mirkaneessuuf shoora addaa gumaachaniif kan kennamuudha. Badhaasni kun meedaliyaa qofa osoo hin taane doolaara miliyoona 50 of keessatti hammata. Hoggansa

Gara fuula 14tti

"Ulaan galaanaa Itoophiyaaf filannoo osoo hintaane dhimma murteessaadha"

- Hayyoota Saayiinsii Siyaasaa

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Ulaan galaanaa kallattii biyyi tokko gidduseentummaa qaama biroo malee addunyaatti gadi baatuun waan ta'eef Itoophiyaaf dhimma filannoo osoo hintaane dhimma

Gara fuula 14tti

Labsiin Yeroo Hatattamaa baatiilee afuriif dheerate

Riippoortara Gaazeexichaatiin

Finfinnee: Manni Maree Bakka Bu'ootaa Bara Hojii 3ffaa Yaa'ii Addaa Ifaa kaleessa taa'een Labsii Yeroo Hatattamaa nageenya lammiilee eegsisuuf Manni Maree Ministeerota yaa'ii Adoolessa 28 bara 2015 taasisen baase baatiilee afuran itaananiif akka dheeratu murteesse.

Ministir De'eetaan Ittiwaamamaa Mootummaa Pirofeesara Gargaaraa Miratuu Shaanqoo rakkoo nageenyaa Naannoo Amaaraa mudateen walqabtee Labsiin Yeroo Hatattamaa hojiirra oole kun sababa rakkoo nageenyaan diigumsa mootummaa naannichaa mudachuu malu jalaa baraaruu qofa osoo hintaane naannichatti akka heerri hojiirra oolu taasisuusaa miseensota mana marichaaf ibsaniiru.

Ministirri Haqaa Doktor Geediyoon



Ximootiwoos gamasaaniin faayidaa dheerachuu labsichaa ilaalchisanii akka dubbatanitti, naannichatti alseerummaa baatiilee ja'an darban dura naannichatti mudateen walqabatee labsichi hojiirra ooluunsaa heera diigamuu ittifufsiisuufi naannicha diigumsarraa baraaruu qofa osoo hintaane caasaalee mootummaa diigamanii turan irradeebiin ijaaruu gumaacha guddaa

taphateera.

Miseensotni mana marichaa gamasaaniin labsichi hojiirra ooluusaatiin yaaddoon nageenyaa akka biyyaatti ture nageenyi bakkatti deebi'usaatiin hir'achuu qofa osoo hin taane xaa'oon qonnaan bultootaaf akka dhaqqabu taasisuu himanii; ammaan

Gara fuula 14tti

Uggurri tajaajila geejibaa Shaneen labse fashalaa'eera

fuula 14

ODUU

Finfinneen keessummootashii Gamtaa Afrikaa simachuuf qophii barbaachisu xumurte

Waaqshuum Fiqaduutiin

Finfinnee: Finfinneen nageenya amansiisaa ta'een keessummoota Yaa'ii Gamtaa Afrikaa simachuuf qophii barbaachisaa xumuruu Biiron Nageenyaafi Bulchiinsa magaalichaa beeksise.

Hogganaa Ittaanaan biirichaa Obbo Miidhagsaa Kabbadaa Roobii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, keessummootni yaa'ichaa haaluma baramen magaalattii keessa sodaa tokko malee akka socho'aniif qaamolee nageenyaa hunda waliin qindoominni uumameera. Haalatti hawaasni magaalattii keessummoota kunneeniif simannaa ho'aafi kunuunsa barbaachisaa taasisurratti bal'inaan mari'atameera. Bakkeewwan murteessoo tokko tokkotti ammoo kaameeraan nageenyaa hojjiirra oola.

Kanaan dura kabaja ayyaanota guguddoofi yaa'iiwwan idiladdunyaa duudhaa Itoophiyaanummaa madaaluun karaa nagaan kabajamanirraa muuxannoo horachuu ibsanii; yaa'iin Gamtaa Afrikaas karaa nagaatiin akka adeemsifamuuf abbootii hoteelaa dabalatee hawaasa sadarkaan jiru waliin mariin taasisamuu himaniiru.

Hannaafi saamicha yeroo gara yerootti bifa



Obbo Miidhagsaa Kabbadaa

jijjiirrachuun magaalichaa keessatti madda komii ta'an ilaalchisee Obbo Miidhagsaan akka jedhanitti, hanga humni biyyattii eeyyametti sochiin keessummootaafi bakki bultiisaanii teknolojiin kan ta'atamu ta'a.

Hannaafi saamicha ittisuun nageenya keessummootaaf qofa osoo hintaane magaalaa teessoo dippiloomaatota idiladdunyaa madaaluu waan hin taaneef tumsa ummata bal'aa fedha. Kanaafuu, hannaafi saamicha maqsuu qofaaf osoo hintaane maqaa gaarii Finfinneefi ummatni qaban akkuma barama waardiyyaa ta'uun

eeguu akka qabus dhaamaniiru.

Teknolojii caalaa yakka ittisuuf humna guddaa kan qabu ummata ta'uus himanii; hannaafi saamicha yeroowwan garagaraatti magaalattiitti bifa gadifageenya qabuun taasifamaa ture eeruu ummataatiin saaxilamee seeratti dhiyaachuus yaadachiisaniiru. Eeruu ummataatiin konkolaatonni hatamaniifi hanni konkolaataatti fayyadamuun taasifamu hedduun to'annaa seeraa jala oolus dubbataniiru.

Nageenya kabachiisuun walqabatee namoota magaalattii keessatti to'annaa seeraa jala oolaa jiran ilaalchisee akka jedhanitti, namoota jireenyasaanii daandii godhatanii Biiron Dubartootaafi Daa'immanii karaa dhaabbilee garagaraa deebisee dhaabuuf sochiin taasisaa jiru ni jira.

Haaluma kabaja ayyaanotaafi yaa'iiwwan akka Gamtaa Afrikaafaarratti sodaa nageenyaa hir'isuuf namoota jiraataa magaalattii hintaane qorachuun taatee baramaadha. Kanaa achi osoo qorannoorratti hinhundaa'in callisani namoota daandii gubbaarraa qabani hidhuun akka hinjirreefi rakkoon akkasii jiraannaan dhimmicha akka ilaalanis hubachiisaniiru.



Obbo Taayyee Guddisaa

Ikoo Turizimiin Wancii namoota kuma 11f carraa hojii uuma

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Pirojektiin ikoo turizimii Wancii/Dandii wayita guutummaatti hojii eegalutti namoota kuma 11f carraa hojii uumuu akka danda'u Bulchiinsi Godina Shawaa Kibba Lixaa beeksise.

Bulchaan godinichaa Obbo Taayyee Guddisaa torbee darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, pirojektiin Ikoo turizimii Wancii/Dandii deebii gaaffii baroota dheeraa hawaasa godinichaati. Pirojektichi wayita guutummaatti hojii eegalu namoota kuma 11 ta'aniif carraa hojii bana.

Haroon Wancii durii kaasee kan ture ta'us bakka uumamaan jannata lafarraa ta'e kanaaf hoggansi xiyyeeffannoo kenne hin turre. Kanaan dura bakka uumamaan qalbii namaa hawwatu kana seenaansaafi bareedinnisaa turistoota biyya keessaafis ta'ee biyya ambaaf haala barbaadamuun beeksifamaa hinturre. Ijji mootummaa jijjiiramaa bakka hawwataa kana argee misoomsuuf kutannoon hojiitti seenuu ibsaniiru.

Akka isaan jedhanitti, naannawa argama ikoo turizimii kanatti qonnaan bultootaafi ijoolleesani hammachuun namoota 800 ta'aniif hanga ammaatti tajaajila geejjiba bishaanirraafi lafarraarratti hojii hoteelaafi loojiiratti carraan hojii uumameera.

Misoomni ikoo turizimii kun qonnaan bulaa tokkollee hinbuqqisne kan jedhan Obbo Taayyee; qonnaan bultootni naannawichatti argaman kallattiidhaan qabeenyasaanii waliin akka hammataman taasifameera. Kuduraafi muduraa akka omishaniifis hojiin haala mijeessuufi walitti hidhiisaa hojjetameera jedhan.

Ijaaramuu ikoo turizimii kanaan walqabatee qonnaan bultootni galii fooyya'aa akka argatan taasisuun ala manni jireenyaa ammayyaawaan ijaaramee kennameeraaf. Manichi keessa jiraachuu qofaaf osoo hintaane kiraafis kan oolu ta'uu himaniiru. Loon sanyii filatamoofi manni barumsaa sadarkaa tokkoffaa sadarkaasaa eeggate ijaaramee kennamuufis dubbataniiru.

Wanciin uumamaan bishaan qabaattus kanaan dura hawwaasichi dheebuu bishaan qulqulluu qaba ture kan jedhan Obbo Taayyee yeroo ammaa hawaasichaaf bishaan dhugaatii hojjechuun dhiyeessuun danda'ameera jedhan. Bu'uraalee misooma humna ibsaa diriisuun ibsaas mana manasaanitti argachuun fayyadamaa ta'aniiru.

Magaalaan Wanciis ho'aa jirti, yeroo ammaa magaalattiitti gaaffiin investimantii waan baay'achaa dhufeef karaa qoratameen deebisuuf hojjetamaa jiraachuus ibsaniiru.

Oromoon saba guddaa ijaarsa biyyaa keessatti qooda olaanaa gumaacheefi gumaachaa jiruudha

Finfinnee: Saboota ijaarsa Itoophiyaa keessatti gahee leencaa qaban seenessaan xiqqeessuu hojiin jaarraa tokkoofi walakkaa ol hojjetame nama isaan keessaa dhalatetti gaddiifi cabiinsi uumu olaanaadha. Akkuma dhugaafi ulfi hindhokatu jedhamu jijjiirama wareegama Qeerroofi Qarree kumaatamaa as dhugaan awwaala keessaa ba'ee lallabaa jiru saboota haala akkasii keessa turanitti hamilee horuu danda'era.

Jijjiirama hordofee umurii waggaa tokkoofi walakkaa hincaalle keessatti kan hundeeffame Waldaan Qorannoo Oromoo dhugaa Oromoo awwaalame bakkeetti baasuuf onnatee hojjetaa jira. Waldichi konfiraansii idiladdunyaa gahee Oromoon ijaarsa Itoophiyaa keessatti gumaacherratti xiyyeeffatu Kamisaafi Jimaata darbe adeemsiseera. Konfiraansicharratti waraqaaleen qorannoo 22 matadureewwan garagaraatiin hayyoota biyya keessaafi alaatiin dhiyaataniiru.

Raawwachiisaa Hojii Olaanaan Waldichaa Obbo Taabor Waamii akka jedhanitti, bu'aa ba'ii ijaarsa Itoophiyaa keessatti Oromoon gumaata leencaa taphachuu qofa osoo hintaane gaaga'ama tures adda durummaan keessummeesseera. Gaheen kun daran olaanaa ta'uusaan shira barootaan dhokachuun hafee siidaa hinhaqamne ta'ee dhaloota har'aaf darbeera.

Baroota baay'eef ittiyaadamee qorqalbi sabichaa miidhuun wayita ijaarsi Itoophiyaa ka'uu waa'ee Oromoo kaasuun akka yakkaatti ilaalamaa ture kan jedhan ammoo



Hirmaattota konfiraansichaa

Doktar Taaddasaa Jaalataati.

Jijjiiramni sirnoota abbaa lafaafi abbaa irree taasifamee dimokraasii dhugaan akka lafa qabatuuf gumaachi dargaggoo Oromoo bakka bu'iinsa hinqabu kan jedhan ammoo gahee dargaggoo Oromoo ilaalchisee warqaa qorannoo kan dhiyeessan Kaadhimamaa Doktarraa Dabalaa Fiixumaati. Kufaati sirna mootummaa ADWUifi as ba'uu mootummaa jijjiiramaaf qabsoon dargaggoo Oromoo adda dureedhas jedhaniiru.

Haa ta'uu malee, osoo godaannisa kaleessaa faarsinuun wanti har'a Oromoo gidduutti adeemaa jiru hatattamaan sirrachuu baannaan cabiinsi hamaan qaxxisaajiraachuu hubachiisani; ammaan tana hayyootni siyaasaa Oromoo qooda dargaggoo Oromoo dubbachuurraa of qusachaa akka jiranis

eeraniiru. Gama biraatiin dargaggoo humna waloon kaleessa dantaa Oromoo murteessaa ture har'a hayyoota Oromoon bakkawwan garagaraatti qircamuun walwaraansa Oromoo gidduutti taasifamaa jiruun walitti dabalamee kufaati caalu dhaluu mala jedhan.

Akka qorannoowwan dhiyaatanirraa hubatametti; ijaarsa Itoophiyaa ammayyooftuu Minilikiin eegalame dhugoomsuu keessatti qoodni Ambaasaaddar Yilmaa Dheeressaa gita hinqabu. Birmadummaa Itoophiyaa kabachiisuu keessattis qoodni jeneraalotaafi abbootii fardeenii lola Adwaarratti hirmaatanii olaanaadha. Sochii sirna dimokraasii ammayyaa keessatti qoodni qabsoo ilmaan Oromoofi sirna Gadaa himamee hindhumu.

Ijoo Dubbii

Tattaaffii cimaa badhaasa meedaaliyaatiin dabaalame

“Hoggansa Ministira Muummee Abiyyi Ahmadiin (‘PhD’) bu’aaleen hojiilee damee qonnaa ceessisuufi injifannoowwan cimaa midhaan nyaataatiin of danda’urratti hojjetamaniin galmaa’an Afrikaaf dadammaqina guddaa uumaniiru.

Doktar Abiyyi mul’ata, hoggansaafi kutattummaa wabii nyaataafi dhiyeessii nyaata madaalawaarratti agarsiisaniin waltajjii idiladdunyaa Kibxata darbe Xaaliyaanii, Roomitti gaggeeffamerratti meedaaliyaa Sagantaa Nyaataafi Qonnaa Dhaabbata Mootummoota Walta’anii badhaafamaniiru.

Guddina ajaa’ibsiisaa Itoophiyaan waggoota shanan darbanitti galmeessisaa jirtu argeera. Badhaasni kun hojii isaan wabii nyaataa mirkaneessuuf akkasumas hiyyummaa hir’isuurratti galmeessisaniif kan kennameedha. Itoophiyaatti wabii nyaataa mirkaneessuuf keessumaa misooma qamadiitiin akkasumas ashaaraa magariisaatiin bu’aa guddaa galmeessisaniiru.

Milkaa’inni waggoota darbanitti argame rakkoolee biyya keessaa, biyyoota ollaafi hudhaalee idiladdunyaa keessatti. Kun Itoophiyaa qofaaf otoo hintaane akkuma ardiittuu fakkeenya guddaa kan ta’uudha” jechuun Dhaabbata Mootummoota Walta’aniitti Daarektarri Sagantaa Nyaataafi Qonnaa (‘FAO’), Kiiyuu Doongiyuun ibsan.

Dhugaadha, Ministirri Muummee Abiyyi mul’ata wabii nyaataa misooma dinagdee biyyatti qaban milkeessuuf tattaaffii cimaa taasisuudhaan, furmaatawwan kennuun hojjetaniiru, hojjetaas jiru.

Akkuma daarektarichi jedhan kutattummaan hoggansaa sagantaa nyaataan of danda’uu milkeessuurratti mul’ate Afrikaaf kaka’umsa ta’eera. Ministirri Muummee Abiyyi Ahmadis muuxannoowwansaanii cimaa warra kaaniif akka qoodaniif gaafatamaa jiru.

Waggaa har’aa kan jalqabame hojiin omisha qamadii gabaa alaatiif dhiyeessuu biyya keessattis qonnaan bultootaafi dhimmamtoota biroo biratti kaka’umsa guddaa uumeera. Qamadii biyyoota ollaatti erguun akka danda’amus qabatamaan agarsiisaniiru. Milkaa’inni Itoophiyaan damee qonnaarratti galmeessistee fi galmeessisaa jirtu biyyoota ardii Afrikaafi warra kaaniif fakkeenyummaan kan eeramuudha.

Keessumaa Itoophiyaatti omishtummaan qamadii akka guddatuuf tattaaffiin Doktor Abiyyi taasisaniif bu’aan argame rakkoo wabii nyaataa Afrikaatiif furmaanni ardichuma keessa akka jirus sirriitti mirkaneessuunsaniis bakka hoggantoonni, diippilomaatonni addunyaa argamanitti isaan badhaasiseera.

Injifannoowwan guguddoo yaadama haaraa Ministira Muummee Abiyyi Ahmad maddisiisaniin biyya keenyatti kabajaafi ulfina horaa jiru. Seenaa biyya keenyaa keessatti Itoophiyaan yeroo hoggansasaaniitiin misooma qamadii tibba bonaa eegaltee ittiin milkaa’uu qofa otoo hintaane qamadii baasii guddaadhaan alaa bitamaa ture hambisuun danda’ameera.

Kana malees Doktor Abiyyi rakkoolee akka biyyaatti mudatan dandamachuu qofa osoo hintaane gara carraa gaariitti jijjiiruunis hoggansa cimaa jaarraan 21ffaa kun barbaadu kenna jiru. Kunis biyya keenyaaf qofa osoo hintaane Afrikaa guutuuf boqonnaa haaraadha. Sammuun waan gaarii yaadee karoorse, harki waan gaarii hojjetee milkeesse badhaafamuun adeemsuma sirrii waan ta’eef milkaa’ina argamaa jiru gama hundaan utubuun Itoophiyaa biyya obboleewwanshii Afrikaaf darbees hawaasa addunyaatiif fakkeenya badhaadhinaa taasisuuf hunduu bakka irratti bobba’etti waan addunyaan ragaa bahaa jiru kana caalaatti fiixaan baasuuf xiiqiifi kutannoodhaan hojjechuu qaba.

Akkuma Doktor Abiyyi Ahmad, “Dhaabbata Mootummoota Walta’aniitti Sagantaan Nyaataafi Qonnaa tattaaffii wabii nyaataa mirkaneessuuf taasisuuf badhaasa kabajamaa medaaliyaa ‘Agricola’ nubadhaasuusaaf galateeffachuun barbaada. Omishoota faayidaa olaanaa qabaniifi kanneen galtee indastirii ta’anirratti xiyyeeffachuun keenya bu’aa abdachiisaa nuu argamsiisaa jira. Adeemsa keenya birmadummaa nyaataaf taasisnu cimsinee ittifufna” jedhan jechuudha.

Yaada



Badhaasa ‘FAO Agricola’: Ragaa diigamuu gaa’ela Itoophiyaafi hiyyummaaf kenname

Bayyanaa Ibraahimiin

Itoophiyaan biyya gootota taatus gootummaashee gama hundaan guutuu taasisuu dadhabuusheetiin biyyoota hiyyeeyyii sarara hiyyummaa gad jiraatan keessatti waamamaa turte.

Kanaanis Itoophiyaan waggootaaf maraanmartoo hiyyummaan wal’aansoo qabaa kan turte yoo ta’u, kunis hoggansa tarsiimoon masakameefi carraawwan gaarii turan gara bu’aatti jijjiiru dhabuurraa kan maddu ture.

Waggoota shanan as garuu jijjiirama aarsaa qaaliikaffalchiiseengaraaangoojiddugaleessaa muummee biyyaatti kan dhufan Ministirri Muummee Itoophiyaa Doktor Abiyyi Ahmad imaammataafi tarsiimoo tarkaanfii haaraan dabaalame bocuun gootummaa Itoophiyaa guutuu taasisuuf tarkaanfiiwwan gara garaa fudhataa jiru.

Injifannoowwan guguddoo yaadama haaraa ministirri muummee maddisiisan gochaan dabaalamee biyya keenyatti kabajaafi ulfina horaa jiru keessaa inisheetiiviin misooma qamadii adda durummaan kan eeramuudha.

Seenaa biyya keenyaa keessatti Itoophiyaan yeroo jalqabaatiif hoggansa Doktor Abiyyi kennaniin misooma qamadii tibba bonaa kan eegalte qofa osoo hintaane omisha qamadii baasii guddaan biyya alaati bitamaa ture biyyuma keessatti omishuu bira darbitee alatti erguu jalqabdeetti.

Kana malees, wabii nyaataa mirkaneessuuf carraawwan jiran hunda duguuganii fayyadamuufi rakkoowwan mudatan dandamachuu qofa osoo hintaane gara carraa gaariitti jijjiiruunis hoggansa cimaa jaarraan 21ffaa kun barbaadu waan kenna jiran fakkaatu. Kun ammoo biyya keenyaaf qofa osoo hintaane Afrikaa guutuuf boqonnaa haaraadha.

Kanaanis wabii nyaataafi dhiyeessii nyaata madaalawaa mirkaneessuuf cichoomina, kutannoofi hoggansa kennan akkasumas wabii nyaataa mirkaneessuuf furmaata kalaqaa hordofuun omisha qamadiin argamsiisaniin badhaasni meedaaliyaa ‘Agricola’ Dhaabbata Nyaataafi Qonna Mootummoota Gamtoomaniin badhaafamaniiru.

Badhaasni Medaaliyaa Dhaabbata Nyaataafi Qonna Mootummoota Gamtoomaniitiin Ministirri Muummee kenname kun kaka’umsa

imala gama midhaan nyaataatiin of danda’uuf biyyattiin qabatte milkeessuu keessattis shoora olaanaa kan taphatu yoo ta’u, wabii nyaataa lammiilee biyyattii mirkaneessuu qofa osoo hintaane, gama nyaata madaalawaa lammiilee biyyattiitiif dhiheessuudhaan quucarummaa hir’isuufis qooda guddaa kan bahatuudha.

Hiyyummaan xurii dhiqamee bahu malee godaannisa hinfayyine miti. Milkaa’ina akka biyyaatti damee qonnaatiin waggoota shanii as argamaa jiru gama hundaan utubamee, jijjiiramni bu’uraa aadaa hojii biyya keenyaarratti dhufnaan milkaa’inniifi badhaasni biyyattiin sadarkaa Addunyaatti argachaa jirtu kun dachaan dabalaa akka adeemu tilmaamuun waan nama rakkisuu miti.

Sagantaa badhaasaa Ministirri Muummee Doktor Abiyyi Ahmadiif Xaaliyaan Roomitti kenname kun kan Mootummoota Gamtoomaniitti Sagantaan Nyaataafi Qonna namootaafi dhaabbilee damee qonnaafi omisharratti hojii gaarii hojjachuudhaan wabii midhaan nyaataa mirkaneessuu keessatti shoora olaanaa bahataniif kennamuudha.

Waggoota afran darbanitti Itoophiyaan gama wabii nyaataa mirkaneessuutiin bu’aa olaanaa galmeessisuusheef ragaa kan bahu ‘FAO’n, milkaa’ina kanaafis omishni qamadii dachaan guddate raga guddaa ta’uu eereera.

Injifannoon waggootan darbanitti omisha qamadii dachaan dabaluuudhaan wabii midhaan nyaataatiin of danda’uuf hooggansa isaaniitiin argame kun immoo Itoophiyaan biyyoota Afrikaa hedduufi kanneen biroo birattis akka fakkeenyummaatti akka fudhatamtuuf carraa kan uumu waan ta’eef hojii jabaatee itti fufuu qabuudha.

Walumaagalatti, badhaasni torbee kana Ministirri Muummee Doktor Abiyyi waltajjii sagantaa nyaataafi qonna Addunyaatiin argatan seenaa Itoophiyaa keessatti isa jalqabaa qofa osoo hintaane, seenaa badaa Itoophiyaan dur addunyarratti beelaan itti beekamaa turtes kan geeddare waan ta’eef lammiilee biyyattii hundaaf hiika addaa kan qabuudha.

Qonnaan bultoonni godinaalee Oromiyaa omisha qamadiitiin beekaman, Baaleefi Arsii Lixaa dhimma kanarratti yaada kominikeeshinoota godinaaleetiif kennaniin badhaafamuu Doktor Abiyyi Ahmadiitti daran kan gammadan ta’uuf caalaatti hojjechuuf kan isaan kakaasu ta’uu eeraniiru.



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa’e.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii

1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22
Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeessaa

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

Saamraawit Girmaa

Natsaannat Taaddasaa

Bayyanaa Ibraahim

Waaasihun Takilee

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et

 Ethiopian Press Agency

ODUU

Oromiyaatti misooma baala shaayii babal'isuuf hojjetamaa jira

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Omishaafi omishtummaa baala shaayii guddisuun guddina dinagdee tumsuuf misoomasaa babal'isaa jiraachuu Biroon Qonna Oromiyaa ibse. Hanga ammaattis biqiltuun baala shaayii miliyoona 100 buufata biqiltuuratti kunuunfamaa jiraachuus hime.

Hogganaa Ittaanaan biirichaa Obbo Mahammadsanii Amiin ibsa Kibxata darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, mootummaan fayyadamaummaa baala shaayii gadbu'aa ture akka dabaluuft inisheetiivii misoomasaarratti xiyyeeffannaan hojjechaa jira. Haaluma kanaan bara 2016tti lafa hektaara kuma 30 irratti biqiltuu baala shaayii miliyoona 400 dhaabuuf karoofateera.

Mootummaan karooricha milkeessuufis naannawaa misooma baala shaayiiif naanaawwan qilleensa mijataa qabanitti hojicha babal'isuuf bal'inaan hojjetaa jiraachuu eeranii, baala shaayii Godina



Omisha baala shaayii

Iluu Abbaabooritti buufata tokko qofatti daanga'ee ture yeroo ammaan godinaalee Buunoo Baddaleefi Jimmaa aanaalee hundatti babal'isuuf hojjetamaa jira jedhan. Biqiltuun baala shaayii miliyoona 100 buufata biqiltuutti kunuunfamaa jiru ji'oota lama keessatti akka dhaabamus ibsaniiru.

Omishichi godinaalee Oromiyaa hundatti

omishamuu baatullee Iluu Abbaaboor, Buunoo Baddaleefi Wallaggaa afran mijawoo ta'uu ibsanii, wiirtuu leenjii qonnaan bulaatti fayyadamuun godinaalee kanneenitti akka babal'atu ibsaniiru.

Akka ibsasaaniitti, poteenshaalli baala shaayii biyyarra darbee alergiif kan ga'uudha. Ta'us hanga ammaatti

akka barbaachisummaasaatti waan itti hinfayyadamneef akkuma bunaa madda dinagdee cimaa ta'ee sharafa alaa argamsiisuuf akaakuu, baay'inaafi qulqullinasaa dabaluuft hojiin babal'isuu hojjetamaa jira.

Hojicha mirkaneessuuf oyiruu qonnaan bulaarraa eegalee qooda fudhattooni hubannoo ga'aa akka argataniif irratti hojjetamaa jiraachuu himanii; bakkeewwan misoomni baala shaayii ittibal'ataa jirutti warshaaleen akka dhaabamaniif biirichi hojjetaa jira jedhaniiru. Dabalataaniis, teknolojii omishaafi omishitummaafi qulqullina baala shaayii mirkaneessuuf dhaabbileen qorannoo qonnaa irratti hojjechaa jiraachuus dubbataniiru.

Xumura inisheetiivichaatti omisha baala shaayii lafa hektaara kuma lamarraa gara heektaara kuma 30tti ol niguddata jedhaniiru. Kanaan walqabatees warshaalee 30 baalli shaayii itti omishamu akka barbaachisuu himanii; warshaaleen kunneen qonnaan bultoonni gurmaa'anii dhiyeessuun gatii gaarii akka argatan gargaarus eeraniiru.



Omishaalee naannichatti misoomaa jiran

Tigraayitti lafti hektaarri kuma 50 jallisiidhaan misoomaa jira

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Tigraayitti lafti hektaarri kuma 50 jallisiidhaan misoomaa jiraachuu Biirron Qonnaafi Qabeenya Uumamaa naannichaa beeksise.

Biirichatti Daarektarii Hortikaalcharii Obbo Barrihuun Aragaawii ibsa Roobii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, irra jireessi kutaalee naannichaa ganna darbe rooba kan hin arganne ta'us ji'a Fulbaanaarraa eegalee hanga Sadaasaatti rooba guddaa naannichi argatetti fayyadamuun hojiin misooma jal'isii hojjetamaa jira.

Akka isaan jedhanitti, bara bajataa 2016 naannichatti lafa hektaara kuma 60fi 700 jal'isiidhaan misoomsuuf karoofamee hanga ammaatti lafa hektaara kuma 50 misoomsuun danda'ameera. Kana keessaa lafa hektaara kuma lama sanyii qamadiin akkasumas lafa hektaara kuma shan sanyii boqqolloon uwwisuuf karoofamee hanga ammaatti haaluma karoofameen lafti hektaarri kuma lama sanyii qamadiitiin uwwifameera. Irra jireessi lafa jal'isiin misoomanii kanaas omisha kudaraafi muduraatiif kan ooludha.

Deeggarsa mootummaa federaalaatiin qonnaan bulaaf xaa'oo kuntaala kuma 100 dhiyeessuuf karoofamee hanga ammaatti karoora ol xaa'oon kuntaalli kuma 111 dhiyaatee hojii misooma jal'isiitiif oolaa jiraachuu ibsaniiru.

Misooma jal'isiif paampiin murteessaadha kan jedhan Obbo Barrihuun; bara bajataa kanatti paampiiwwan bishaanii kuma lama dhiyeessuuf karoofame keessaa hanga ammaatti kummi tokko dhiyaateera. Milkaa'ina misooma kanaaf sanyii midhanii kuntaala kuma 14 qonnaan bulaaf dhiyeessuuf karoofame keessaa kuntaalli kuma shan dhiyaachuu dubbataniiru.

Osoo waraanni naannoosaaniitti hineegalamin dura paampiiwwan bishaanii kuma 27 akka turan yaadachiisanii; sababa waraanihaatiin paampiiwwan baay'een barbadaa'uu eeraniiru. Yeroo dhiyoo as mootummaan federaalaa paampiiwwan 91 deeggarsaan naannichaa kennuus ibsaniiru.

Waraana booda leenjii hojjetoota qonnaatiif kenname waan hinjirreef hojjetootni ekistenshini qonnaa deeggarsa bu'aaqabeessa qonnaan bultootaaf kennaa akka hinjirre himanii; mootummaan federaalaa gama kanaan deeggarsa barbaachisu akka taasisuuf gaafataniiru.

Misooma qonnaa waliigalarrattis ta'e jal'isiirratti mootummaan federaalaa dhiyeessii barbaachisu guutuuf deeggarsa taasisaa jira. Haa ta'u malee, sababa waraana uumameen naannichi garmalee waan hubameef deeggarsichi akka ittifufu waamicha taasisaniiru.

Naannichatti waggaatti si'a sadii omishuun wayita danda'amu omishalee kudaraafi mudaraa akkasumas boqqolloo kuntaalli miliyoona 19 ol ni eegama.

Beenishaangul Gumuzitti misoomni sululaa lafa hektaara kuma 39 irratti

- Biqiltuu miliyoona 67 ol dhaabuuf karoofameera

Gammachuu Kadiriin


Finfinnee: Naannoo Beenishaangul Gumuzitti misoomni sululaa lafa hektaara kuma 39fi 078 irratti eegalamuu Biirron Qonnaa naannichaa beeksise. Naannichi biqiltuu miliyoona 67 dhaabuuf karoofachuus ibseera.

Hogganaan biirichaa Obbo Babakir Haliifaa akka Wiixata darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatti himanitti, misoomni sululaa baranaa Amajjii 20 irraa eegalee hojjetamaa jira. Hojichis fiizikaalaafi baayolajikaalarratti xiyyeeffachuun hanga Bitootessa 30 bara 2016tti ittifufa.

Akka ibsasaaniitti, yeroo ammaa hojiin misooma sululaa aanaaleefi godinaalee naannichaa hundatti eegalameera. Wayita hojiin kun gaggeeffamu hojii bakkeewwan misoomaa dalgeefi olee, buufata biqiltuufi bakkeewwan biqiltuun dhaabbatu adda baasuunis ni hojjetamu.

Buufata biqiltuu 72 adda baasuuf karoofame keessaa hanga ammaattis hojii adda baasu hojjetameen buufatni biqiltuu 52 dalgeefi oleensaa adda ba'uu himanii; bakkeewwan biqiltuwwan dhaabbatan 180 adda baasuuf karoofaman keessaa 94 xumuramuu eeraniiru.

Bakkeewwan misooma sululaa adda ba'aniifis qophiin biqiloota bosonaa miliyoona 57fi kuma 750 akkasumas biqilaa bunaa kudaraafi muduraa adda adda miliyoona 10 waliigalaan qophiin biqiloota miliyoona 67 eegaleera. Hanga ammaatti biqiltuu miliyoona 2 ol ta'an qophaa'uufi lafti hektaarri 591.1 misoomuu ibsaniiru



Obbo Babakir Haliifaa

Misoomni sulula naannichaa pirojektiiidhaanis ta'e lafa nama dhuunfaafi walooratti gaggeeffamu Laggeen Laga Abbayyaatti yaa'anirratti xiyyeeffachuun akka misoomfamu himanii; hojiin misooma sululaa baroota darbaniin biqiloota dhaabbatan keessaa %80 qabachuun bu'aa qabatamaan argamaa jiraachuu dubbataniiru.

Sababa kanaan lafti qullaa ture biqilootaan uwwifamaa dhufuun omisha nyaata looniifi omishaalee maaddii guutuuf galtee ta'uun bu'aa argamsiisaa jiru jedhaniiru. Bu'aan gama kanaan argamaa jiru sagantaa ashaaraa magariisaa marsaa jalqabaa milkeessuuf carraa uumeera. Karoorri baranaa raawwii bara darbeeraa kuma torbaan caalmaa akka argamsiise himaniiru. Hojichi akka milkaa'uuf ogeessotni qonnaa sadarkaa sadarkaan jiran deeggarsa barbaachisaa akka taasisan waamicha dhiyeessaniiru.


Mijuu

BARIISAA SANBATAA Amajjii 25 Bara 2016



**Xiyyaara Itoophiyaa
waggoota 88 booda
biyyashiitti deebi'uuf
jettu**

fuula **8**



**“Yunivarsiitiin Walqixxee
guutummaatti gara ‘Applied
Science’tti ce’uuf hojiilee hedduu
raawwachaa jira”**

- Doktor Yohaannis Gabruu

fuula **6**



**Tapha Fardaa ilmaan
Kuush Itoophiyaa
kaabaa biratti**

fuula **10**

KEESSUMMAA BARIISAA

“Yunivarsiitiin Walqixxee guutummaatti gara ‘Applied Science’tti ce’uuf hojiilee hedduu raawwachaa jira”

- Doktor Yohaannis Gabruu

Keessummaan Bariisaa maxxansa kanaa Yunivarsiiti Walqixxeetti, Pirezidaantii Ittaanaa Qorannoo, Tajaajila Hawaasummaafi Ce’umsa Teknolojii Doktor Yohaannis Gabruuti. Gaafdeebii Gaazexaan Bariisaa torbee darbe isaan waliin dhimmoota adda addaarratti taasise akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Natsaannat Taaddasaatiin

Bariisaa: Bakka dhalootaa, haala barnootaafi muuxannoo hojii keessan gabaabinaan utuu nuu ibsitani?

Doktor Yohaannis: Finfinneettin dhaladhee guddadhe. Barnoota koo sadarkaa tokkoffaa Mana Barnootaa ‘Misiraaq Barri’fi Mana Barnootaa Sadarkaa tokkoffaa Garjiittin baradhe. Sadarkaa lammaffaa ammoo mana barnootaa Sadarkaa Lammaffaa Booleettin hordofe.

Digrii koo jalqabaafi lammaffaa Yunivarsiiti Baahir Daaritti baradheen Herrega (‘Mathematics’)n ebbifame. Digrii koo sadaffaa ammoo Yunivarsiiti Handiraa kan Hinditti argamutti damee barnootaa, ‘Mathematics Fixed Point Theory’ jedhamuun xumuree bara 2010 gara biyyaatti deebi’e.

Akkuman digrii koo tokkoffaa xumureen mana barnootaa Oromiyaa, Godina Shawaa Kibba Lixaa, Aanaa Qarsaa Maallimaa, Magaalaa Leemmanittin mana barnootaa sadarkaa 2ffaatti barsiisummaan mindeeffamee hojii eegale.

Mana barnootichaatti ergan waggaa tokkoof hojjeedhee booda Yunivarsiiti Aksuumitti mindeeffameen hojjechaa ture. Bara 2003 booda ammoo Yunivarsiiti Walaayittaa Sooddootti jijjiirameen ergan waggoota sadiif hojjeedhee booda bara 2006 irraa eegalee hanga ammaatti Yunivarsiiti Walqixxeetti mindeeffameen hojjechaa jira.

Yunivarsiiti Walqixxeetti jalqaba barsiisaa ta’een mindeeffame. Booda Hogganaa Muummee Saayinsii Diinii Kolleejii Saayinsii Uumamaa ta’ees hojjeedheera. Yeroo ammaa yunivarsiitichatti Pirezidaantii Ittaanaa Dhimmoota Qorannoo, Tajaajila Hawaasummaafi Ce’umsa Teknolojii ta’ee hojjechuu ergan jalqabee waggaa lakkoofsiseera.

Bariisaa: Hojiileen Yunivarsiitiin Walqixxee gama tajaajila hawaasummaatiin raawwataa jiru maal fakkaatu?

Doktor Yohaannis: Yunivarsiitiin Walqixxee hojii baruu barsiisuutiin ala qo’annoofi qorannoo, tajaajila hawaasummaafi ce’umsa teknolojiiratti hojiilee bal’aa raawwachaa jira. ALA bara 2021/22 pirojektota qorannoo 50 irratti hojjechaa turre. Pirojektota kunneen keessaa sadii pirojektota guddoodha. Bara 2023 ammoo pirojektota 48 irratti xiyyeeffannee hojjechaa jira.

Qorannoon pirojektota kunneenii bajata mootummaan nuu ramaduufi deggarsa dhaabbilee adda addaarraa argannuun hojjechaa jira. Bara 2024 kanattis pirojektota qorannoo filataman barsiisota keenya qorannoo adeemsisaniif kennuu ni jalqabna.

Bariisaa: Tajaajilli hawaasummaa yunivarsiitichi damee barnootaatiin kennaa jiru maal fakkaata?

Bara darberraa kaasee rakkoo sirna barnootaa mudate furuuf barsiisonni keenya manneen barnootaa 20 Naannoo Itoophiyaa Giddugaleessaa, Godina Guraagee Bahaafi aanaalee addaa lama keessatti Sanbata Sanbata titooriyaalii kennaa jiru

Doktor Yohaannis: Yunivarsiitichi tajaajila hawaasummaa dameelee gara garaa (barnoota, fayyaa, qonnaafi anniisaa) irratti xiyyeeffatee kennaa jirra. Bara darberraa kaasee rakkoo sirna barnootaa mudate furuuf barsiisonni keenya manneen barnootaa 20 Naannoo Itoophiyaa Giddugaleessaa, Godina Guraagee Bahaafi aanaalee addaa lama keessatti Sanbata Sanbata titooriyaalii kennaa jiru.

Yunivarsiitiin keenya barsiisota 50 ramadee manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa dhiyeenyatti argamanitti titooriyaaliifi leenjii akka kennan taasisaa jira. Barsiisonni keenya bakkawwan hunda ga’anii tajaajila kennuu hindanda’an.

Kanaafuu barsiisonni godinichaa sadarkaa barnootaa digrii 2ffaafi isaa ol qaban 50 filannee barattoota manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa godinicha keessa jiraniif titooriyaalii kennaa turreerra. Waliigalaan barsiisota 100n titooriyaalii kennaa turre.

Manneen barnootaa baadiyyaa godinichaatti argaman tokko tokko barsiisota kan hinqabne ykn ammoo barsiisaa fiiziksiis ta’ee kan herrega barsiisu jira. Manni barumsaa barsiisaa afaanii hinqabnes jira. Yunivarsiitichi hanqina gama kanaan manneen barnootaa sadarkaa 2ffaaf godinichaa keessatti mul’atu guutuuf yaalii cimaa taasisaa jira.

Dhiyeenya kana Yunivarsiitiin Walqixxee Yunivarsiiti Waraabeeffii Yunivarsiiti Waachaamoo waliin ta’uun barsiisota qophii barnootaatiin sadarkaa gaariirra jiraniif Bulchiinsa Naannoo Itoophiyaa Giddugaleessaa keessaa walitti babba’an 1100 olliiif mooraa Yunivarsiiti Walqixxeetti guyyoota shaniif sirna barnootaa haaraarratti leenjifneerra.

Bariisaa: Tajaajilli hawaasummaa yunivarsiitichi damee fayyaatiin kennaa jiru maal fakkaata?

Doktor Yohaannis: Damee fayyaatiin hojii humna dhaabbilee fayyaa cimsuurratti xiyyeeffannee hojjechaa jira. Hospitaala Hawaariyaat dhiyeenyatti hojii jalqabsiisuuf hojjechaa jira. Yunivarsiitichi hospitaalicha hojii jalqabsiisuuf kompiyuutaroota, meeshaalee biroofi wal’aansaa qarshii miliyoona lamaafi kuma 850tti tilmaamamu



Suurri Hadush Abrahucatiin

deggarsa taasiseera. Hospitaalichi hanga humna guutummaatti socho’uu danda’utti deggarsa barbaachisu ni taasisnaaf.

Bariisaa: Tajaajilli hawaasummaa yunivarsiitichi damee qonnaatiin kennaa jiru maal fakkaata?

Doktor Yohaannis: Yunivarsiitiin keenya wiirtuuwwan qorannoo qonnaa adda addaa kanneen akka Wiirtuu Qorannoo Farazeefi Miiqee jedhaman qaba. Wiirtuun Farazee beelladootarratti kan hojjetu yoo ta’u, Miiqeen ammoo bunaafi fuduraaleerratti qorannoo adeemsisa.

Yunivarsiitichi wiirtuuwwan qorannoo biroo kan qabu ta’us wiirtuulee lamaan eeramanitti hojiilee guguddootu raawwatamaa jira. Wiirtuun Qorannoo Farazee yunivarsiiticharraa kiiloomeetira 50 fagaatee argama.

Qorannoowwan qonnaarratti adeemsifaman dhimmoota sadiiratti xiyyeeffatu. Tokkoffaan sanyiin akka hinbanne taasisuudha. Fakkeenyaaf warqeen (qaachoon) sanyiiwwan adda addaa qaba. Wiirtuu Qorannoo Farazeetti sanyiiwwan warqee 71 kan argamu yoo ta’u, tokko tokkoonsaanii faayidaa gara garaatiif oolu. Warqeen qorichummaadhaaf gargaarus jira. akka sanyiin warqee hinbanneef wiirtichatti baay’ifamanii qonnaan bultootaaf kennamaa jiru.

Qorannoowwan gara garaa yunivarsiitiiwwan adda addaattis ni adeemsifamu. Dhiyeenya kana Yunivarsiitiin Finfinnee qorannoo dhibee warqeerratti adeemsise ifa taasiseera. Kun

oduu gammachiisaadha. Qorannoon kun dhibeen baakteeriyaal wilt (‘bacterial wilt’) jedhamu warqee cooligsee dhabamsiisaa ture ittisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Yunivarsiitiin Walqixxee erga hojii jalqabee waggaa 11 ta’eera. Turtii kana keessatti dhibee warqeerratti qorannoo adeemsisaa turus Yunivarsiitiin Finfinnee qorannoosaa dursee argachuun dadhabbi keenya fureera.

Godinni yunivarsiitichi itti argamu omisha warqetiin waan beekamuuf yunivarsiitichi omishichaaf xiyyeeffannaa guddaa kennee hojjechaa jira. Wiirtuu Qorannoo Farazee keessa duraan sanyii warqee 57tu ture. Yeroo ammaa garuu sanyii warqee 71tu wiirticha keessa jira. Yunivarsiitichi warqeerratti qorannoo adeemsisuu erga jalqabee waggaa saddeet ta’eera.

Nyaata warqee qopheessuun hojiilee humna haadhooliitiin raawwataman keessaa isa baay’ee dadhabsiisaadha. Dadhabbi kana salphisuuf dhaabbileen adda addaa maashiinota gara garaa hojjechuuf yaalii taasisaniiru. Yunivarsiitiin Walqixxee maashiinota nyaata warqee qopheessuuf gargaaran lama kalaqeera.

Maashiinota kanneen qonnaan bultoota hundaa biraan ga’uun rakkisaa waan ta’ee dubartoota gurmaa’aniif kennuuf hojjechaa jira. Yoo deggarsa arganne maashiinota kunneen baay’ifnee qonnaan bulaa biraan ni geenya.

Gara fuula 7tti

KEESSUMMAA BARIISAA

Bariisaa: Yunivarsiitiin Walqixxee omishaafi omishtummaa warqee guddisuuf maal hojjechaa jira?

Doktar Yohaannis: Yunivarsiitiin keenya omishaafi omishtummaa warqee guddisuuf qorannoo 'Biogas' jedhamu adeemsisaa jira. Qorannoon kun dhangala'aa beelladoota keessaa ba'u xaa'oo uumamaa bakka bu'uudhaan omishaafi omishtummaa warqee guddisu keessatti gahee olaanaa qaba jennee yaadna. Qorannoon kun waggoota sadii keessatti xumurama.

Haftaan nyaata warqeeraa cirrachaana makamee ijaarsa daandii asfaaltii jabina ni kenna jedhamee qorannoon Siviil Injiniiriingiidhaan irratti adeemsisamaa jira. Qorannoo omishni warqee jijjiirama haala qilleensaa eeguufi wabii nyaataa mirkaneessuu keessatti qabu ammoo 'Agricultural Economics'n jedhamuun hojjetamaa jira.

Bariisaa: Warqee akaakuuwwan nyaataa biroorraa maaltu adda taasisa?

Doktar Yohaannis: Qorannoo warqee irratti adeemsisameen kan sanyiiinsa nyaataaf ooluufi qorichummaaf oolu jira. Sanyiiin warqee caba fayyisu jira. Sanyiiwwan hundi maqaa tokkoon waamamanis faayidaa kennaniin gargari. Warqee nyaata qofaaf utuu hintaane meeshaaleen mana keessaa irraa hojjetaman danuudha. Qorannoo dhiyeenya ifa ta'een haftesaarraa waraqaan jabina qabu hojjetameera.

Warqeen waan hongee dandamatuuf akaakuuwwan midhaanii biroorraa adda. Balaa hongee yeroo gara garaa biyya keenyatti mudateen hawaasni naannawwan warqeen baay'inaan itti omishamu jiraatu daran hinmiidhamne. Omishni isaas utuu bakkeewwan hundatti babal'atee wabii nyaataa mirkaneessuu keessatti gahee olaanaa qaba jennee amanna. Yunivarsiitichi bakkeewwan kanaan dura omishnisaa hinbeekamnetti akka omishamu taasisaa jira.

Nyaatni warqee baadiyyaatti qofa utuu hintaane magaalotattis daran baratamaa dhufeera. Finfinneettis nyaatni qoccoo daran baratamaa dhufeera. Kochee (Kitifoo) n 'qoccoo' malee hin nyaatamu. Kanaafuu omishaafi omishtummaasaa guddisuun hojii xiyyeeffannaa addaa barbaaduudha.

Yunivarsiitiin Walqixxee omishaafi omishtummaa warqee guddisuuf barana qorannoo 'Call for Enset' jedhamu qorattoota yunivarsiitichaafi qorattoota akka biyyaatti qorannoo adeemsisan hirmaachisuun hojjechaa jira. Yeroo ammaa piropozaaliin qoranichaa xumuramee qorattoota faana waliigalte taasifneera. Hojiiileen kunneen yunivarsiitichi omishaafi omishtummaa warqee guddisuufi sanyiiisaa eeguurratti xiyyeeffatee hojjechaa jiraachuu agarsiisu.

Bariisaa: Qorannoo yunivarsiitichi bunarratti taasisaa tureen bu'aaleen argaman akkamitti ibsamu?

Doktar Yohaannis: Yunivarsiitiin Walqixxee Inistiitiyuutii Qorannoo Buna Jimmaa waliin waggoota saddeetiif bunarratti qorannoo adeemsisaa tureera. Qorannoon kun sanyii buna Guraagee baasuuf adeemsisamaa kan jiru yoo ta'u, qorannichi xumuruuf waggaa lamatu hafe.

Qorannichaan waggaa lama booda sanyiiin buna Guraagee fooyya'aa ba'uu danda'a. Yunivarsiitiin keenya bara darbe biqiltuuwwan buna qorannoon ba'e kuma 27 qonnaan bultootaaf kenneera. Barana ammoo



Bariisaa: Tajaajilli hawaasummaa yunivarsiitichi gama ce'umsa teknolojiitiin kenna jiru maal fakkaata?

Doktar Yohaannis: Barsiisotaafi barattoota keenya waliin ce'umsa teknolojiirratti hojiilee gara garaa hojjechaa jira. Hojiileen kunneen irrajjireessaan barsiisotaafi barattoota 'ICT'fi injineeriingii yunivarsiitii keenyaatiin raawwatamaa jiru. Barsiisonniifi barattooni keenya hojiilee kalaqaa gara garaa hojjechaa jiru. Yunivarsiitiin keenya hojiilee kalaqaa miidiyaarra hinoolle hedduu raawwachaa jira.

Yunivarsiitiin keenya wiirtuu barattooni mana barumsaa sadarkaa lammaffaa dhufanii itti leenji'aniifi beekumsaafi dandeettiisaanii itti gabbifatanis qaba. Bara darbe barattooni kutaa 9ffaa hanga 12ffaatti jiran kuma ja'a ta'an wiirtichatti leenjisuun ga'umsaafi dandeettiisaanii akka fooyyeffatan taasifneera. Hojii baruu barsiisuu keessatti jijjiiramni altokkotti dhufuu baatus duubdeebii nu ga'aa jiruun namoonni baay'een fayyadamaa waan jiraniif leenjii kana baranas ittifufuuf qophiirra jira.

Bariisaa: Yunivarsiitiin Walqixxee guutummaatti gara 'Applied Science'tti ce'uuf maal hojjechaa jira?

Doktar Yohaannis: Yunivarsiitiin keenya kaadhimamaa 'Applied Science'ti. Kana jechuun humna qabnuun 'Applied Science' keessa galleera. Yunivarsiitiin keenya yunivarsiitiwwan dhaloota sadaffaa 'Applied Science' keessa galan lamaan keessaa isa tokko. Laaboraatooriin keenya, pirofaayiliin istaafii keenyaa gaarii ta'uufi haalli teessuma bakka argama yunivarsiitichaa sadarkaa kana akka argannu nu taasiseera. Istaafiin yunivarsiitichi doktoroota hedduu qaba. Yunivarsiitooni buleeyyii baay'een dhufanii

laaboraatoorii keenyatti fayyadamaa jiru. Isaan kun walitti ida'amani sadarkaa har'a irra jirruuf bu'uura nuu ta'aniiru.

Yunivarsiitiin keenya guutummaatti gara 'Applied Science'tti ce'uuf hojiilee hedduu raawwachaa jira. Tarsiimoo wixinuun, hojiirra oolmaa tarsiimichaa koreedhaan qopheessuu, sirna barnootaa fooyyessuun, qorannoon adeemsisnuufi tajaajilli hawaasummaa kennamaa jiru hojiilee yunivarsiitichi guutummaan gara 'Applied Science'tti ce'uuf taasisaa jiru keessaa isaan ijoodha. Yunivarsiitichi bara dhufu guutummaatti 'Applied Science' keessa ni gala jedheen yaada.

'Applied Science' keessatti ce'umsi teknolojiin daran murteessaadha. Kana jechuun hojiin keenya harki caalu kalaqaafi gocharratti xiyyeeffata. Hojiin baruu barsiisuu keenyas akkasuma. Barattooni yunivarsiiticharra ba'an qorannoo gochaan ibsamu adeemsisu qabu.

Barattooni yunivarsiitii 'Applied Science' irraa bahan barnoota yaaddiddama (tiwoorii) qofaan baratan utuu hintaane harkaanis kan hojjetaniidha. Barataa sammuufi harkisaa waa kalaquufi hojjetu baasuuf workishooppiifi wiirtuuwwan qorannoo keenya cimsinee hojjechaa waan jirruuf sadarkaa gaariirra geenya jedheen abdadha.

Bariisaa: Hojii qo'annoofi qorannoo akkasumas tajaajila hawaasummaa yunivarsiitichi kennurratti wantoonni akka hanqinaatti ka'an yoo jiraatan?

Doktar Yohaannis: Sirmi bittaa rakkoo guddaa uumaa jira. Keemikaalota qorattoota keenyaaf bituuf caalbaasiif kan mijatu miti. Qorataan tokko keemikaala miliigiraamii xiqqoo barbaada. Sirmi bittaa keenya hanqina waan qabuuf keemikaala kana binnee dhiyeessuun rakkisaadha. Kun hojii qorannoo keenyarratti dhiibbaa guddaa uumaa jira. Kanaafuu sirmi bittaa biyyattii fooyya'uu qaba.

Rakkoo lammaffaan hanqina bajataati. Hojiin qorannoo bajata mootummaan ramadu qofaan waan milkaa'uu hindandeenyeef dhaabbilee biroo faana hariiroo uumnee hojjechaa jira. Hanqinni bajataa hojii qorannoo keenya akkaataa barbaannuun akka hinadeemsiifneef dhiibbaa mataasaa qaba.

Bariisaa: Hariiroo Yunivarsiitiin Walqixxee yunivarsiitiwwan biyya keessaafi alaa waliin qabu maal fakkaata?

Doktar Yohaannis: Yunivarsiitiin keenya yunivarsiitiwwan biyya keessaa kanneen akka Yunivarsiitiwwan Jimmaa, Arbaa Miinci, Finfinnee, Dabra Maarqoos akkasumas Ministeera Qonnaafi dhaabbilee biroo waliin hariiroo gaarii uumee hojjechaa jira.

Yunivarsiitoota biyya alaa keessaa ammoo Yunivarsiitii Chaayinaa, Hindi, Awurooppaafi Ameerikaa waliin hariiroo gaarii uumnee hojjechaa jira. Yunivarsiitichi haaraa dhaloota sadaffaa waan ta'eef hariiroo yunivarsiitiwwaniifi dhaabbilee biyya keessaafi alaa waliin qabu caalaatti babal'ifnee itti adeemuu qabna.

Bariisaa: Dhumarratti yaadni hinkaane ykn ergaa dabalataa yoo qabaattan?

Doktar Yohaannis: Yunivarsiitiin keenya gama qo'annoofi qorannoo, tajaajila hawaasummaatiinis ta'u ce'umsa teknolojiitiin hojiilee hedduu miidiyaadhaan ifa hinbaane raawwateera; raawwachaas jira. Hojiilee kanneen ummata biraan gahuuf dhufanii waan nu gaafattaniif guddaa galatoomaa.

Yunivarsiitiin Walqixxee omishaafi omishtummaa warqee guddisuuf barana qorannoo 'Call for Enset' jedhamu qorattoota yunivarsiitichaafi qorattoota akka biyyaatti qorannoo adeemsisan hirmaachisuun hojjechaa jira

biquiltuuwwan buna kuma 100 ol qonnaan bultootaaf raabsuuf hojjechaa jira.

Bariisaa: Bu'aan qorannoo yunivarsiitichi fuduraaleerratti adeemsiiseen galmaa'e akkamitti ibsama?

Doktar Yohaannis: Yunivarsiitiin keenya fuduraalee keessaa avokaadoofi appiliirratti qorannoo adeemsisaa jira. Biqiltuuwwan avokaadoofi appilii omisha fooyya'aa kennan baay'isee qonnaan bultootaaf kenna jira. Qonnaan bultoonni naannawa manasaaniitti biqiltuuwwan dhaabuudhaan akka irraa fayyadaman taasisaa jira.

Ilaamee...

'Tsahaay':

Xiyyaara Itoophiyaa waggoota 88 booda biyyashiitti deebi'uuf jettu

Kutaa Qophiitiin

'Har'a guyyaa itti xiyyaara 'Tsahaay' Mootummaa Xaaliyaaniirraa ifatti deebifachuu keenya kabajnu waan ta'eef Itoophiyaanota hundaaf guyyaa guddaa itti boonaniidha. Ministira Muummee Xaaliyaanii, Joorjiyaa Meeloonii waggaa guutuudhaaf haalatti xiyyaarichi deebi'u mijeessuun waan deeggaraniif guddaan galateeffadha.

'Tsahaay' ALA bara 1935 walta'iinsa injiinara lammii Jarman kan paayileetii mootichaa ture, Herr Ludwig Weber jedhamuufi ogeessota Itoophiyaa bara sana turaniin xiyyaara yeroo jalqabaatiif Itoophiyaatti hojjetameedha. Tattaaffiin cabiinsa keenya wal'aanuu waltajjii addunyaatti mul'ataa dhufeera".

-Ergaa Ministira Muummee Abiyyi Ahmad (PhD) Kibxata darbe Amajjii 21 bara 2016 Xaaliyaaniirraa dabarsan

Ittidabaluunis, 'Tsahaay' xiyyaara jalqabaa Itoophiyaa keessatti suphamteedha. Bara 1929 gara Itaalii dhufte. Waantota guddoo warra lixaatiin Itoophiyaadhaa fudhataman keessaa tokko xiyyaara Tsahaayi jedhamtu tana. 'Tsahaay' keessa teknolojiifi innooveeshiinii akkasumas ejjennoo guddachuufi jijjiramutu jira.

Itoophiyaatti xiyyaara suphuufi fayyadamuu jalqabneetu, osoo yeroo dheeraaf hinturiin kan fudhatamteedha. Hambaaleen akka kanaa osoo biyya keenya keessa jiraatanii, dargaggoonni keenya caalaatti akka waa kalaqaniifi fooyyessaniif ni kakaasa ture. Fakkeenyaaf Godambaan kun waggaa 100 guuteera. Umriin Tsahaayi waggaa 88 guuteera.

Teknolojiiwwan waggoota 100 darbaniif godhambaa kana keessa turan sababa callisanii taa'aa turaniif yeroodhaa gara yerootti fooyyessaa har'a gahaniiru. Jalqabbiin keenya yeroo gabaabaatti waan dhaabateef fedhiin kalaquufi guddachuu yerootti qabnu cabeera jechuudha.

Tattaaffiin cabiinsa keenya wal'aanuu waltajjii addunyaatti mul'ataa dhufeera. Wayita dhageettiifi fedhiin Itoophiyaa waliin guddachuu dabalaa dhufu, akkuma dameewwan hundaan milkaa'ina agarre, Tsahaay deebisiisuunis bu'aan nama ajaa'ibsiisuu argameera. Kanaafis ministirri muummee Itaalii gahee olaanaa waan qabaniif galata guddaan isaan haa gahuun jedha.

Erga pirojektii kana jalqabnee waggaa tokko guuteera. Jalqabarratti xiqqoo miidhamtee ture, garuu bajata ramadanii kana fakkaatteetti. Kanaafuu Tsahaayis iddoo kabajaa maluuf ni teessi.

Dhaloonni haaraan Itoophiyaas yeroon Itoophiyaan xiyyaara suphuufi fayyadamuu jalqabde kan ture ta'uu hubatanii, kalaqa haaraa akka taasisaniif ni kakaasa. Italiin wanti guddaan deebiste siidaa Aksuumi. Itaanse Tsahaayi jechuudha. Yeroo ammaa

Yoo seenaa keenya deebisuu dandeenye, caba keenya wal'anuu dandeenye, hangasuma galiin turizimii keenya dabalaa deema. Hundarra yeroo itti pirojektii yaadannoo Injifannoo Adwaa eebbisiisuuf dhiyaannetti, Tsahaay deebi'uun waan addaati

Itiyoophiyaan hambaaleefi qabeenya hedduu addunyaarra faca'anii jiran qabdi.

Yoo seenaa keenya deebisuu dandeenye, caba keenya wal'anuu dandeenye, hangasuma galiin turizimii keenya dabalaa deema. Hundarra yeroo itti pirojektii yaadannoo Injifannoo Adwaa eebbisiisuuf dhiyaannetti, Tsahaay deebi'uun waan addaati.

Itoophiyaanonni бага gammaddan! Biyyi kanaan dura fakkeenya beelaa taate, har'a fakkeenya qamadii omishuu taatetti. Kabajaafi dhageettishee deebisiisuu dandeessee jirti. Kun injifannoo ummata Itoophiyaa maraati. Injifannoon itti fufa jedhan.

Kantiibaan Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee Aade Adanachi Abeebes dhimma kanarratti ergaa itaanu dabarsaniiru.

Barii ijaarsa Godambaa yaadannoo injifannoo Adwaa xumurretti waraana addunyaa 2faa dura Itoophiyaatti kan hojjatameefi Xaaliyaaniin fudhatamee kan ture xiyyaarri Tsahaay milki dippiloomaasii



kabajamoo ministira muummee keenyaan har'a fudhachuu keenyaan kabajaafi boonuun natti dhaga'ameera. Yeroo ittaanuttis xiyyaara seenaqabeessa kana yaadannoo injifannoo Adwaa keessa kabaja guddaan daawwannaaf kan keenyu ta'a.

Gorsaan imaammataa Hariiroo Alaa Ministira Muummee Ambaasaaddar Taayyee Atsiqasillaasees yaada itaanu kennaniiru. Xiyyaarri Tsahaay jedhamtu gara biyyasheetti deebi'uuf qophaa'uunshii milkaa'ina dippilomaasiiti. Kunis bu'aa walii galteefi michummaarratti hundaa'eeti. Seenaan aviyeeshinii Itoophiyaa dinqisiisaa ta'uufi qorannoowwan birootiif kan nama dammaqsuudha.

Itoophiyaan bara 1920 balaliistota jalqabaa Xiyyaaraa dhiiraafi dubara Jigjigaatti leenjistee turte. Bara 1935 immoo xiyyaara jalqabaa Itoophiyaatti hojjetamte 'Tsahaay' jedhamtu tana hojjeteeetti.

Waajjira Ministira Muummeetti Gorsaan Dhimmoota Hawaasummaa Diyaaqon Daani'eel Kibraat gamasaaniin yaada itaanu kennaniiru.

Jijjiirama jechuun cabiinsa suphuun lammaaffaa deebi'ee akka hincabne gochuu, jijjiirama ittifufsiisuufi biyya cimtuu ijaaruudha. Yeroo jijjiirama jennu cabiinsa suphuun lammaaffaa deebi'ee akka hincabne taasisuu, jijjiirama ittifufsiisuufi biyya cimtuu ijaaruudha.

Seena Itoophiyaa ammayyaa lammaffaa 1920 jedhamu keessaa tokko kan jalqabame indaastirii aviyeeshinii babal'isuudha. Gama kanaan hojichi kan jalqabame Aviyeeshinii Raayyaa Ittisa Biyyaatti.

Kanaafis Itoophiyaanonni xiyyaara bituun jalqabaniin gara xiyyaara hojjechuutti ce'an.

Yaada xiyyaara hojjechuu kanas balal'isaa xiyyaaraa Hayilasillaaseefi dhalataa lammii biyya Jarman Injiinar Her Luwengi Wabarii fide. Injiinarichi ogeessota lammiilee Itoophiyaa waliin ta'uun bara 1928tti xiyyaarota sadii hojjechuuf karoofatanii hojii jalqaban.

Injiinarichi bara 1925fi 26 gara Itoophiyaa akka dhufes ni himama. Bu'uuruma kanaan xiyyaarasaniin jalqabaa Mudde bara 1928 hojjetanii xumranii, baruma sana yaalii balalii shaakallii taasisuun milkaa'an.

Ogeessonni kunneen erga xiyyaara Tashaayi hojjetanii xumranii booda weerara Itaalii 1928 mudateen pirojekttonni xiyyaarota sadii hojjechuuf karoofaman gufatan. Xiyyaarittiinis erga tajaajila murtaa'aa kennitee booda akka dhaabbattu taasifame. Sana booda bara 1929 gara Italiitti fudhatamtee waggoota 88 achuma oliif turte.

Kunis akkuma Ministirri Muummee Doktor Abiyyi Ahmad jedhan hojiilee qaama cabiinsa Itoophiyaa suphuuf hojjetamaniiti. Cabiinsa Itoophiyaa kan jedhamu keessaa tokko hojjiilee Itoophiyaanonni hojjetan akka cabu taasifame deebisanii suphuun karaa qabsiisuudhas.

Hojiilee gama kanaan hojjetamaa jiran keessaa tokko xiyyaara Tsahaayi gara Itoophiyaatti deebisuufi Itoophiyaafi Itoophiyaanotaaf agarsiisuun, kunis agarsiistuu biyyatti suphuuti.

Sababanisaas Itoophiyaanonni kaka'umsa
Gara fuula 13tti

Qarreefi Qeerroo

'Zero Plan': Karoora yunivarsitoota hundatti babal'achuu qabu

Natsaannat Taaddasaatiin

Yunivarsitiin Walqixxee karoora 'Zero Plan' jedhamu hojiirra oolchuun keessumaa rakkooolee barattoota shamarraniirra gahuu malan ittisuufi furmaata kennuurratti xiyyeeffateera. Karoorichi Yunivarsitii Diillaatti kan jalqabane ta'uufi yeroo ammaa ammoo Yunivarsitii Walqixxeetti babal'atec rakkoo gama koorniyaa, dinagdeefi xiinsammuutiin keessumaa barattoota shamarraniirra gahuu malu hir'isuu keessatti gumaacha olaanaa taasisaa jira.

Yunivarsitichatti Daarektarri Ittisaafi To'annoo 'HIV/Edsii' Dubartoota, Daa'immaniifi Dargaggootaa Aade Masarat Asraat garee gaazexeessitoota Dhaabbat Pireesii Itoophiyaa yunivarsitichatti argametti akka himanitti, kutichi humna barsiisota dubartootaa, hoggansa dubartootaafi barattoota shamarranii cimsuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jira.

Hirmaannaa dubartootaa gudisuuf hojiileen qorannoo qorattoota dubartootaa qofaan adeemsifaman jiru. Kutaan kun barattoota dubaraas ta'e dhiiraa rakkoo dinagdee qabaniif deggarsa maallaqaafi wantoota bu'uura isaana barbaachisan taasisaafi jiraachuu himu.

Deggarsichi gargaarsa dhaabbilee gara garaarra argamuun taasifamaa jiraachuu himanii, barana barattoota 570f deggarsa barbaachisu taasisaa jira. Barattoota rakkoo xiinsammuu qabaniifis ogeessota gorsa xiinsammuutiin tajaajila gorsaa akka argatan taasisaa jiraachuu eeranii, barataa rakkoo xiinsammuu humna keenyaan ol ta'e qabu ammoo gara hospitaalaatti geessinee yaalchifna jedhu.

Barattoonni shamarranii rakkoo isaan mudaterratti bilisa ta'anii akka mari'ataniif yunivarsitichatti Wiirtuun 'Zero Plan' jedhamu hundaa'eera. Wiirtichi miidhaawwan gama kamiinuu barattoota shamarraniirra ga'uu malan kamuu zeeroo taasisuurratti xiyyeeffatee hojjetaa jira jedhu. Karoorri 'Zero Plan' miidhaawwan akka qoccollaa koorniyaa, tamsa'ina 'HIV/AIDS' barnoota addaan kutuufi ari'atamuu shamarranii, ulfa hinbarbaachifne zeeroo taasisuurratti kan xiyyeeffatu ta'uus himaniiru.

Karoorichi kan qophaa'e bara 2014 ta'uufi bara 2015 irraa cegalee hojiirra oolaa jiraachuu kan himan Aade Masarat, kanaanis barattoonni shamarranii miidhaa isaanirra ga'uu malu haala kamiin akka ofirraa ittisan, mirgasaanii akka kabachiifatanii rakkoo irra ga'e ammoo qaama kamitti iyyatanii furmaata akka argatan barsiisuufi leenjisuurratti xiyyeeffata jedhu. Yunivarsitiin Walqixxee muuxannoo Yunivarsitii Diillaarraa argate Gamtaa Barattoota Shamarranii wajjin haala gaariidhaan hojiirra oolchaa jiraachuus ibsaniiru.

Wiirtuun 'Zero Plan' wiirtuu leenjii bal'aa tokko, kutaa 'rehabilitation' lama, kutaa wiirtuu odeeffannoofi kanneen biroo kan qabu yoo ta'u, waliigalatti kutaalee 12 qaba. Wiirtuun kun kan barattoota shamarranii



Aade Masarat Asraat



Barattuu Arseemaa Girmaa



Barattuu Fiqir Kabbadaa

Suurri Haaddush Abbrahaatiin

Karoorri 'Zero Plan' yunivarsitichatti hundaa'e rakkooolee barattoota shamarranii furuu keessatti gumaacha guddaa taasisaa jira

ittiwaamama 'Zero Plan' ta'anii ta'us barattoota shamarranii hundaa'f tajaajila kenna jiraachuufi ittiwaamamni wiirtichaa daariktarichaafi, jechuun eeraniiru.

Wiirtichi kutaa barattoonni shamarranii waggaa dhalootasaanii keessatti kabajatanis qaba kan jedhan Aade Masarat, kun barattoonni waggaa dhalootasaanii kabajachuuf gara magaalatti ba'anii miidhaaf akka hinsaaxilamne taasisuu keessatti gahee olaanaa akka qabu dubatu.

Wiirtichi bakka barattoonni shamarranii qofti bilisaan akka manasaaniitti itti qayyabatan ta'ee tajaajilaa jiraachuufi barattoonni shamarranii guyyaas ta'e halkan guutuu sa'atii barbaadanitti wiirtichatti qayyabachaa jiraachuu eeraniiru.

Barattoonni shamarranii wiirtichatti torban lamatti altokko walga'anii rakkooolee isaan mudatanirratti mari'achaafi muuxannoo waljijjiirraa jiraachuufi kunis bilisa ta'anii akka mari'ataniif kan gargaaru.

Mariin kun bakka Pirezidaantiifi Pirezidaantii Ittaantuun Gamtaa Barattoota Shamarranii argamanitti adeemsifamuufi gamtichi yeroo yeroon mataduree marii qopheessee barattoota shamarranii mariisisaafi rakkoo isaanirra ga'uu hir'isaa jiraachuu himu. Mariichi dandeettii

dubbachuusaanii gabbisuufis gahee olaanaa kan qabu ta'uu ibsu.

Yunivarsitii Walqixxeetti barattuu Ingiliffaafi Ogbarruu waggaa affrafaafi Gamtaa Barattootaatti, Ittiwaamamtuun damee Shamarranii Arseemaa Girmaa akka jettutti, dameen kun dhimma barattoota shamarraniiratti barnootarraa kaasee hanga tajaajilaatti jiranirratti xiyyeeffatee hojjeta.

Damichi adeemsa baru barsiisuu keessatti rakkooolee barattoota shamarraniirra ga'uu malaniifi barnootasaaniiratti dhiibbaa uuman ittisuufi furmaata kennuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jira. Rakkooolee tajaajila ibsaa, bishaaniifi doormiin walqabatee barattoota mudatan qaama dhimmi ilaallatutti iyyachuufi waliin hojjechaa jirra jechuunis ibsiteetti.

Dameen kun dhimmoota barattoota shamarraniiratti hirmaachaafi xiyyeeffannaa kennuun irratti hojjechaa jiraachuu kan himtu barattuu Arseemaan, barattoonni shamarranii keessumaa yeroo qormaataatti akka hidhiphanneef tajaajila gorsaafi deggarsa barbaachisu taasisuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jiraachuu himti.

Dhiphinni sammuu qormaattarrattis ta'e barumsarratti dhiibbaa guddaa fida kan jettu barattuun tun, barattoonni barumsa akka addaan kutaniifis sababa ta'aa waan jiruuf shamarran rakkoo dhiphina sammuu qaban itti dhiyeenyaan dhimmasaaniiratti nu waliin mari'achaa jiru. Dhimma nama biraatti himachuu sodaatan dhufanii nutti himachaa jiru. Nuti ammoo dhimmicharratti gareedhaan mari'annee furmaata barbaadna jetti.

Kanaan dura barattoonni keessumaa shamarran baay'een semistara lffaa waggaa tokkoffaatti qabxii gadaanaa galmeessisuun ari'atamaa turan kan jettu Arseemaan, rakkoon kun yeroo ammaa tajaajila kennamaa jiruun hir'achaa dhufuu dubbatti.

Nuti ofiifi obboloota keenyaaf furmaata argamsiisna jennee hojjechaa jirra jettee, kanaanis ilaachi hindanda'uu jijjiiramaafi rakkooleen barattoota shamarranii mudatan hir'achaa jiraachuu eerti.

Wiirtuun karoora 'Zero Plan' jedhamuun yunivarsitichatti hundaa'e kun barattoota shamarraniif carraa gaarii uumeera. Barattoonni shamarranii wiirtichatti walga'anii dhimmootasaaniiratti bilisaan mari'achaafi rakkooolee isaan mudataniif furmaata argachaa jiru. Wiirtuun kun bakka

barattoonni shamarranii qofti bilisaan sa'atii 24:00 itti qayyabatanis ta'ee tajaajilaa jira jetti.

Yunivarsitiin Walqixxee mana kitaabaa barattoonni shamarranii itti qayyabatan dhabuurraa kana hafe hojii baru barsiisuu haala gaariifi mijataa ta'een adeemsisaa jira jechuunis nutti himteetti.

Yunivarsitichatti barattuu 'Biotechnology' waggaa sadaffaafi Gamtaa Barattootaatti Ittiwaamamtuu Ittaantuun Damee dubartootaa Fiqir Kabbadaas akka jettutti, dameen kun dhimma barattoota shamarraniiratti xiyyeeffatee hojjechaa jira.

Karoorri 'Zero Plan' yunivarsitichatti hundaa'e rakkooolee barattoota shamarranii furuu keessatti gumaacha guddaa taasisaa jira. Karoorichi rakkoo barattoota shamarraniirra ga'uu zeeroo taasisuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jiraachuufi gama kanaan jijjiiramni gaariin mul'achaa jiraachuu himti.

Wiirtuun 'Zero Plan' kutaa barattoonni shamarranii keessatti guyyaa dhalootasaanii kabajan kan qabu ta'uu kan eertu barattuun tun, wiirtichi barattoonni shamarranii mooraa keessaa utuu hinba'in baasii xiqqaadhaan hiriyootasaanii waliin guyyaa dhalootasaanii akka kabajataniiif haala gaarii uumuufi kutaalee 'Rehabilitation' lamaafi tajaajila gara garaaf oolan biroos kan qabu ta'uu eerti.

Kanaan dura barattoonni shamarranii baay'een guyyaa dhalootasaanii kabajachuuf jecha gara magaalatti ba'anii hanga halkaniitti turuudhaan qoccolloo koorniyaaf saaxilaman jiraachuu kan himtu barattuun kun, wiirtuun 'Zero Plan, guutummaatti ta'uu baatus rakkoo gama kanaan barattoota shamarraniirra ga'uu hir'isaa jiraachuu himti. Guyyaan kabaja dhalootaa walirra bu'uufi kutaan barattoonni itti guyyaa dhalootasaanii itti kabajatan tokko qofa ta'uun ifatti mul'achaa jiru waan ta'ee gara fuulduraatti kutaan dabalataa kan barbaachisu ta'uus eerteetti.

Kutaan dhimma koorniyaarratti hojjetus rakkooolee gama dinagdeefi korniyaatiin keessumaa barattoota shamarraniirra gahan ittisuufi furmaata kennuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jira. Hojiilee gama kanaan raawwatamaa jiraniin bu'aawwan jajjabeessoon galmaa'aa jiraachuufi hojiin kun gara fuulduraattis kana caalaa cimee ittifufuu akka qabu himti.

AADAIFI AARTII

Tapha Fardaa ilmaan Kuush Itoophiyaa kaabaa biratti

Waasihun Takileetiin

Waa'een ilmaan Kuush gaafa ka'u ga'umsa tapha fardaa, aadaa keessattiifi lolarratti isaan qaban gargar baasanii ilaalun hindanda'amu yoo jenne dubbii arbeessuu hinta'u. Ilmaan Kuush uumamumaan dachee kan guutan yoo ta'u, keessumaa Itoophiyaa kaabaatti sirna cunqursaa sabboonummaafi eenyummaa qeequuf osoo hinjilbeeffatiin ofiifi aadaasaanii kunuunsaa kabajaa kabachiisaa labataa labatatti dabarsaa dhaloota har'aa harkaan gahataniiru.

Ilmaan Kuush Itoophiyaa kaabaa keessa bal'inaan jiraatan keessaa sabni Agawu isa tokko yoo ta'u, dhiibbaa eenyummaafi aadaa akkasumas afaansaaniiratti sirnoonni qaqqabsiisaa turaniin osoo hinboora'iin har'aan kan gahatan, kanamalees ofiif qabsaa'uurra darbanii walabummaa biyyaa kabachiisuu keessatti akkuma saboota, sablammootaafi ummattoota biroo wareegama kaffaluun jaalala biyyaaf hiriiraa turaniidha.

Agawu maddisaa Kuush ta'ee gosa torba of jalaa kan qabu yoo ta'u, isaanis Ankashaa, Azanaa, Caaraa, Quuwaquraa, Baanjaa, Ziiganiifi Matakali. Duudhaafi aadaa ganamaa ittiin guddatanirraa kan ka'e uffata aadaa adii kuula diimaadhaan miidhage ykn jaanoofi dibaabee aadaa meexxiirraa hojjetameen miidhaganii ayyaanotaafi sirnoota gara garaa wallee saffisaa mudhii raasuun qalbii namaa hawwatu.

Dhimmi kun maaliif ka'e jechuun hinoolu. Barreeffamni keenya kun ayyaana hundeeffama Waldaa Fardeenii Agawu marsaa 84 dheengadda Injibaaraatti kabajame bu'uura godhachuun yoo ta'u, warri Agawu weerara Xaaliyaaniin marsaa lammataaf Itoophiyaarratti bante qolachuuf gootonni fardeensaaniin dabalamanii diina hamma funyaaniitti hidhatee dhufe addatti bahanii loluun injifannoo Adwaa faajjii gurraachota Afrikaa gaalmeessisuu keessatti qoodnisaanii waan salphaa miti.

Warri Agawu akkuma Oromoo tapha fardaatiin ga'umsa olaanaa kan qaban yoo ta'u, waldaa kabajaafi jaalala fardasaniif qabanirraa kan ka'e weerara Xaaliyaanii lammaffaa booda namoota 30 hincaalleen hundaa'eedha. Taphni fardaa kun waggaa waggaa akka kabajamu taasisuun tibbanas marsaa 84f kabajataniiiru.

Fardi ummata Agawu biratti agarsiistuu gootummaati, gadda gammachuufi sirnoota gara garaa keessatti ittiin miidhagee bahee aadaa, duudhaafi ayyaanota adda addaas nidabaala.

Seenessa sobaa bara atseewwanii katabamaa tureen ijaarama Itoophiyaa keessumaa kabachiisa walabummaa Itoophiyaatiif soora ilmaan sabaafi sablammii taphataa turan gadi bahee akka hinmul'anne ta'aa turuu eenyumaafuu dhokataa miti.

Wayita sirmi jijjiiramaa lafa qabachuu eegalutti taateewwan aadaa, duudhaafi sirnoonni ilmaan sabaafi sablammii hawwata turistii ta'uu danda'an kanneen barootaaf dhoksaa keessa turan ykn saba tokkoof qofa kennamanii turan abbaaf deebi'uu jalqabaniiru. Kan kaleessa ukkaamsaa jala ture har'a miidhaginaafi simboo biyyaa



Fardi ummata Agawu biratti agarsiistuu gootummaati, gadda gammachuufi sirnoota gara garaa keessatti ittiin miidhagee bahee aadaa, duudhaafi ayyaanota adda addaas nidabaala

ta'aas jira.

Ayyaanni hundeeffama Waldaa Fardeenii Agawu oggaa waggaa waggaaadhaan kabajamu koorniyaan osoo walhinfoohiin dhiirri dubartiin, qarodhabeessi osoo hinhaftiin dorgommiiwwan garagaraa nigaggeeffamu. Kunis ayyaanichi haala ho'aadhaan akka kabajamuufi qalbii daawwattootaa akka hawwatu kan taasisuudha.

Guyyaa hundeeffamaa waggaa waggaaadhaan gaggeessuu qofti gahaa waan hintaaneef kan bashannanaaf oolaa jiru kana gara madda galiifi hawwata turistiitti geeddaruuf hojjetamuu akka qabu irratti waliigalamee hojiitti seenameera.

Sababanisaas ga'umsi tapha fardaa hunda hirmaachisuun gaggeeffamu kun hawaasa



addunyaatiif fakkeenya ta'uun hubatamee xiyyeeffannaadhaan irratti hojjetamaa jiraachuun kan nama gammachiisuudha.

Warri Agawu kabaja hundeeffama waldichaa tibbana Magaalaa Injibaaraatti gaggeeffamerratti keessummoota gara karaa Adinaas (Anaa Dhufu) jedhanii simachuun ayyaanichi madda galiifi hawwata turistii ta'uu akka danda'u qabatamaan agarsiisaniiru.

Itoophiyaan haadha ilmaan sabaafi sablammii 80 olii taate tun akkuma baay'inashee aadaa, duudhaa, sirnootaafi eenyummaa hawwata turistii nama dhuunfaarraa hanga biyyaatti madda galii addaa uumuu danda'u of keessatti hammattee jiraachisaa jirti.

Tapha fardaa kanarratti miseensomni waldichaa fardeen kuma 62 oliin waggaa waggaa irrattikan hirmaatan yoo ta'u, daa'immanii kaasee hanga maanguddootaatti dorgommiin qalbii nama hawwatu nigaggeeffama. Waldichi

sadarkaa Itoophiyaatti kan galmaa'e yoo ta'u, akka addunyaatti 'UNESCO'dhaan galmeessisuuf humna guutuun hojjetamaa jira.

Wayita dorgommicharratti hirmaatan wallee 'Aymoloo' jedhamu dhageessisaa kan bahan yoo ta'u, akaakuuwwan tapha fardaa akka Gombisa, Daangilaasaa, (Shubbisa)fa'is ni adeemsifamu. Faaya fardaa kanneen akka alangee, kooraa fardaa Oromiyaarraa bitatanii ayyaanota gara garaarratti ifanii mul'achuun "Aymoloo" ykn ammoo akka Oromiyaatti faaru Kaawoo Fardaa mataasaanii aymoloo jechaa dorgomu jechuudha.

Walumaagalatti ilmaan Kuush Itoophiyaa kaabaatti argamaniifi ijaaramasheetiif wareegama kaffaluun maqaashee olkaasan keessaa ummanni Agawu isa tokko yoo ta'u, tattaaffiin ga'umsa tapha fardaasaanii umrii dheeraa qabu kana 'UNESCO'tti galmeessisuuf taasisan akka milkaa'uuf hawwina.



Barreeffamni kun walta'iinsa Dhaabbata Piresii Itoophiyaafi Inistitiyuutii Qorannoo Armaawar Hansan wajjin walta'uun torbanitti kan dhiyaatuudha

Ittifayyadamni qoricha aadaa akka gabbatuuf Ahariin balbalasaa baneera

Waasihun Takileetiin

Inistitiyuutiin Armaawar Hansan (Ahariin) wabii fayyaa hawaasaa mirkaneessuuf hundaa'e har'a beekumsaafi qaroomina ogeeyyonni qoricha aadaa qaban kan saayinsawaa bukkeetti teknolojiin deeggaruun tajaajilarra oolchuuf hojiitti seeneera.

Ahariin Hojiilee kalaqaa rakkoo fayyaa hawaasaa hiikuuf gargaaran meeshaalee yaala fayyaatiin ala qorichoota aadaarrattis xiyyeffannoo kennee hojjetaa kan jiru yoo ta'u, teknolojiin deeggaramanii hojiirra yoo oolan hudhaalee fayyaa furuurra darbanii sharafa alaa argamsiisuu keessattis qooda guddaa akka qaban inistitiyuutichi beekke irratti hojjetaa jira.

Hojii gama qorichoota aadaa teknoloji ammayaafi saayinsiin deeggaranii hojiirra oolchuu kana Ministeera Fayyaa waliin ta'uun hojjetaa kan jiru Ahariin, ammaantana of kennee ittigaafatamummaa guddaan hojjechuun hawaasasaaf fala ta'uutti jira.

Dhibeewwan hedduuf qorichoonni humni

fayyisuusaanii olaanaa ta'e jiraatanis deeggarsa saayinsii dhabuun takkaan ogeessota ari'achuun lammattammoo gatii dhabsiisuun mul'ata ture.

Kanarraa kan ka'e qorichoota aadaa gabaa keessaa baasuuf yaaliiwwan gara garaa turanis booda kana erga qorannoon irratti gaggeeffamee ogeeyyota ari'achuura ofitti qabanii waliin hojjechuun murteessaa waan ta'eef damichi xiyyeffannoo akka argatu ta'eera.

Bu'uuruma kanaan ogeeyyota ga'umsa qoricha aadaa qabaniif waamicha, taasisuu, beekamtii kennuu kanamalees saayinsiin deeggaruun Inistitiyuuticha waliin akka hojjetaniif haalli mijataa uumamuu daarektarii ittaanaan inistitiyuutichaa Doktor Alamsaggad Abdiisaa nikaasu. Yeroo ammaattis ogeeyyonni ga'umsa qorichoota aadaa qaban isaan waliin hojjechuufi hordoffii fi deeggarsa barbaachisu akka argatan ta'aa jiru.

Ogeeyyonni ga'umsa qoricha aadaa qaban kunniin qorichoota dhibeele garagaraaf oolan haa beekan malee hangasaa qabatamaan waan hinbeekneef qorannaan deeggarumu akka qaban kallattii taa'een

hojiitti seenameera. Kanamalees ogeeyyota kana guutuu biyyarraa walitti fiduun gosoota qorichoota aadaa kana tokko lamaan akka muuxannoo waljijjiiran taasisuun akka hojjetan ta'aa jira.

Kuni ta'us dhiibbaa qollifannaa kanaan dura namoota qorichoota aadaa kennan irra turreraa kan ka'e ammallee namoonni dandeettii qoricha aadaa beekan waamicha Ahariin taasisse kanatti akka hinmakamne kaasaniiru. Qorichoota aadaa keenya saayinsiin deeggarree hojiira oolchuun diinagdee namoota dhuunfaa qorichoota kana beekani cimsuura darbee sharafa alaa argamsiisuu keessatti bakka guddaa kan qabuudha.

Kanamalees imaammata "dhibee keenya ogeeyyota keenyaan" jedhu qabatamee ka'e milkeessuun Itoophiyaa addunyaarratti beeksisuu keessatti qooda guddaa kan qabu waan ta'eef laayyootti kan ilaalamu miti.

Kanaafuu, namoonni qorichoota aadaa dhibeele gara garaaf oolan beekan gara Ahariitti dhufuun waldaa ijaarame keessatti miseensa ta'uun ofis, lammiisaaniis dhibee gara garaatiin hiraarfamaa jiru, kanamalees

biyyasaaniis cimsuun irraa eegama.

Qorannaa kanaan dura qorichoota aadaa muraasarratti gaggeeffameen humni fayyisuusaanii daran kan alaa galan caalaa olaanaa ta'an jiru kan jedhan Doktor Alamsaggad, kanneen hafanirattis akka hojjetamuuf hojii keessa jiraachuu himu.

Dhibeen tokko weeraraanis ta'e tamamsa'uun yeroo lammiilee keenya huba yeroo mara ijji keenya harka faranjii kan ilaalu yoo ta'e miidhamaa taana jedhani, kun akka hafuuf dandeettii dhaloota darbanirraa dhaalame sana wabii fayyaa hawaasa ofii ta'uuf dammaqinaan hojjechuun barbaachisaadha.

Kun waan ta'eef namoonni dandeettii qorichoota aadaa qaban Ahariitti makamuun hojjechuu qabu. Ogummaa dhalootarraa dhaalan dhoksuu hinqabani, dhimmichi dhimma dhaloota baraaruun waan ta'eef laayyootti ilaalamu hinqabu.

Ahariin namoota ga'umsa qoricha aadaa qaban kana ofitti simachuun saayinsiin deeggaree lammiilee keenyaaf wabii akka taanu cichoosinaan kan hojjetu waan ta'eef faana dhaabannee hojjechuun barbaachisaadha.

Inistitiyuutiin Qorannaa Armaawar Hansan (AHRI) Daandii Jimmaa, seensa Hospitaala Alartitti argama.

Lakkoofsa Saanduqa Poostaa 1005 Lakkoofsi Bilbilaa +251 13483752

Imeelii:Info @ahari.gov.et

Marsariitii: www.ahari.gov.et



Barreeffamni kun walta'iinsa Dhaabbata Piresii Itoophiyaafi Yunivarsiitii Bulee Horaatiin ji'atti al-tokko kan dhiyaatuudha

Mataduree, "Adwaan Nagaa Ittifufiinsa Qabuufi Mootummaa Cimaaf Ijaaruuf" jedhuun mariin

Maricharratti Pirezidaantii Yunivarsiitichaa Doktor Birhaanuu Lammaa dabalatee hoggantoota olaanaa yuunivarsiitichaa, diinii kolleejotaa, barsiisota, hojjataa bulchiisaa akkasumas keessummoonni kabajaa waamicha taasisameef, abbootiin Gadaa, jaarroonni biyyaa, abbootiin amantaafi qaamoleen nageenyaa kan argaman yommuu ta'u, kaayyoon marii kanaa walhubannoo sabaafi sablamoota biyyaa dhimma biyyalessaarratti guddisuurratti kan xiyyeeffateedha.

Saganticharratti haasaa kan taasisan Pirezidaantiin Yunivarsiitichaa Doktor Birhaanuu Lammaa waa'ee injifannoo Adwaa kaasuu biyyi keenya akka hin diigamne abbootiin keenya gahee biyyoolessummaa, tokkummaa, jaalala biyyaa, sirna diddaa garbummaa worra adii irratti taasisan har'a oljennee akka deemnu taasisaniiru jedhan. Seenaan ummati keenya Itoophiyaa tokkummaan ba'ee adwaarratti injifannoo gonfate Afrikaaf fakkeenya akka teenu gahee guddaa taphachuus ibsaniiru.

Yeroo ammaa tokkummaa biyya keenyaa akkuma durii sanitti tumsa walootiin harka wolqabannee aadaa fi duudhaa waliini kabajuun biyya keenya nagaya akka argattu gahee ba'uun akka qabnu Afrikaafi Addunyaan nurra eega jedhan.

Yunivarsiitii Bulee Horaa gidduun jijjiiramaa (excellence area) kan ta'an qabdu keessaa beekumsii jeebanaa isa tokko waan ta'eef sirni Gadaa gahee



nageenya mirkaneessuufi ijaarsa biyyaa keessatti gahee guddaa waan taphatuuf hojiileen boonsaan karaa sirna kanaatiin hojjatamaa jiraachuu ibsuun, akka yuunivarsiitii keenyaatti barattoota barsiifnus ta'e kutaalee hawaasa Itoophiyaa gara garaa keessaa waan dhufaniif waa'ee tokkummaa biyyalessaa barsiisuun ijaarsa biyyaa gama kanaan ni mirkaneessina jedhan. Dokumantiin marii kanaa barsiisota Kolleejii Saayinsii Hawaasaafi Namoomaa Yunivarsiitichaa kan ta'an barsiisaa Kabtaamuu Fallaqaafi barsiisaa Kabbadaa Lammuuuun dhihaateera.

Sagantaa marii kanaa adda durummaan kan qajeelchan Itti Gaafatamtu Waajjira Pirezidaantii kan ta'an Barsiistuu Mattaasabiyyaa Adulaa (barattuu PhD) yoo ta'u, yaadota marii kana irratti hirmaattotarraa dhihaate akka galteetti wolitti qabuun ministeera nageenyaa kan gumaaffamu ta'uu isaa eerameera.

Guyyaa yaadannoo dhibee 'HIV/AIDS'fi miidhamtoota qaamaa Yuunivarsiitii Bulee Horaatti

Yunivarsiitichatti qopheessummaa Daayirektoreetii Dhimmoota Korniyatiin kan qophaa'e guyyaan yaadannoo dhibee 'HIV/AIDS'fi miidhamtoota qaamaa tibbana Galma Guddaa Odaatti kabajamee ooleera.

Guyyichi dhaadannoo, "Ittisa Dhibee HIV/AIDS'tiif Fulla'iinsa Adda Durummaa Hawaasaa" jedhuun kan kabajame yoo ta'u, guyyaan kun akka addunyaatti marsaa 36ffaaf, akka biyya keennaatti immoo marsaa 35ffaaf kabajame.

Yuunivarsiitii Bulee Horaatti Daayirektarii Daayirektoreetii Dhimmoota Korniyaa Aade Tasfaanash Ida'ee haasawa taasisaniin waa'ee dhibee 'HIV/AIDS' ilaalchisee to'annoofi hordoffiin dhibichaa ciminaan taasisamuu akka qabu dubbachuun, yeroo ammaa caldheessi baay'achuura kan ka'e akka malee babal'achuun biyyattiif sodaa guddaa ta'aa jiraachuu ibsaniiru. Miidhaan gama dhibee 'HIV/AIDS'tiin jiru caalaatti dargaggeessa humna barnootaafi misooma biyyaa miidhuu waan danda'uuf qaama kamirraayyuu dargaggootni of eeggannaa cimaafi kaayyoo dheeraa fuuldurasaniiru jiru beekani barnootasaani of eeggannoodhaan barachuu akka qabaniif tumsi waliini dammaqinaan jiraachuu akka qabus Aade Tasfaanash dhaamaniiru.

Gama biraatiin Miidhamummaan qaamaa sammuu miidhamuu waan hintaaneef ilaalchi boodatti hafaan miidhamtoota qaamaatiif



kennamuu akka hinqabne hubannoo hawaasa hundaa te'uu akka qabus dubbataniiru.

Saganticharratti leenjii hubannoo gabaabaan waa'ee qaama miidhamtootaafi dhukkuboota daddarbooratti xiyyeeffate barsiisaa sosooloojii kan ta'an Nugusee Gammadeefi barsiistuu Inistitiyuutiin Fayyaarraa dhufaniin hirmaattotaaf hubannoon kennameera.

Oromiyaatti namoota miliyoona 1.2 oliif carraan hojii uumame

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Naannoo Oromiyaatti ji'oota ja'an darbanitti namoota miliyoona 1.2 oliif carraan hojii uumamuu Biirron Carraa Hojii Uumuufi Ogummaa naannichaa beeksise.

Daarektarii kominiikeeshinii biirichaa Obbo Tolasaaa Ajjamaa Kamisa darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, naannichatti namni hojii uummachuuf akka carraaquuf hojiin hubannoo cimsuufi dadammaqina bal'inaan hojjetamaa jira.

Namootni hojii eeggachuura gara uummachuutti ce'uuf qophiin qorqalbiisaanii sadarkaa barbaachisurratti argamuu akka qabu himanii; biirichi qooda fudhattoota waliin namoota kuma 593fi 576f leenjii intarpirinarshippii kennuuf karoorfatee kuma 564fi 710f kennuu ibsaniiru.

Hojii uummachuufi ittiin milkaa'uuf ogummaan daran murteessaadha kan jedhan Obbo Tolasaan; biirichi mataduree, "Oromiyaa haa ogummeessinu" jedhuun ogummaa ummata naannichaa gabbisuuf giddugala intarpirinarshippii 35 Kolleejjota Barnoota Leenjii Tekniikiifi Ogummaa (BLTO) keessatti akka saaqamu taasiseera jedhaniiru. Ji'oota ja'an keessatti liqii qarshii biliyoona 2.56 intarpiraayizotaaf kennuuf karoorfamee qarshiin biliyoona 1.24 kennamuus dabalataan ibsaniiru.

Aadaafi humni qusannaa ummata naannichaa daran gadaanaa ta'uurraa kan ka'e liqii hamma

barbaachisu dhiyeessuurraatti raawwiin jirus gadi aanaa akka ta'u taasiseera kan jedhan Obbo Tolasaan; hawwaasni naannichaa liqii liliyoona lama akka qusatu karoorfamee biliyoona 1.8 qusachuu eeraniiru.

Liqii deebisiisuun walqabatee, hojiin liqii bulee deebisiisuu dhibbanta 51 kan raawwatame yommuu ta'u, liqii haaraa deebisiisuun ammoo dhibbanta 81tu milkaa'e. Kanaaf gara fuuldurratti hojiin liqii bulee deebisiisuu hojii xiyyeeffannoo addaatiin hojjetamuu qabuudha jedhaniiru.

Akka Daarektara kanaatti, aadaa qusannaa ummata naannichaa dabaluu mootummaan naannichaa namni kamuu waan argaturrea dhibbantaa 35 akka qusatu gochuuf hojjechaa jiraatus ammallee aadaan qusannaa uummatichaa baay'e gadaanaa ta'uu dubbatanii; biirichi qooda fudhattoota waliin raawwisaa ji'a ja'aa yoommuu qoratetti, hojiin qusannaa hawwaasichaa dabaluu hojiiilee gara fuulduraatti xiyyeeffannoo barbaadan keessaa isa ijoo ta'uun adda baafamuu yaadachiisaniiru.

Carraa hojii uumame miliyoona 1.2 ol keessaa %44.5 qonnarratti ta'uu eeranii; hojiiilee misooma qonnaa naannicha keessatti hojjetamaa jiran keessaa, keessattuu inisheetivii misooma qamadiirratti dargaggoota yuunivarsiitiifi kolleejjirraa eebbifamanif dhiyeessii barbaachisan guutanii gurmiin akka hojjetan taasisuurratti godinaalee akka Jimmasfi Bunnoo Baddalleefaarratti hojii boonsaan hojjetamuu ibsaniiru.

Xiyyaara Itoophiyaa waggoota...

mataasaaniin Pirojektii bara sana eegalame osoo ittifufneerra ta'ee har'a biyyoota xiyyaara omishan keessaa tokko taanaayyu. Biyyoota kaanirraa xiyyaara hinbitnu, silaa xiyyaara biyyoota birootti gurgurraayyu.

Waggoota darban hojii akkasiiu cabe. Cabiinsa kana suphuufis Itoophiyaan carraawwan akkasii dhabde deebistee akka argattuufi dhaloonni waan darbeerraa akka baratu gochuuf nigargaara.

Itoophiyaanonni bara sana yaada guddaa qabuuyyu. Amma yeroo jijjiirama jennu cabiinsa suphuun lammaffaa deebi'ee akka hincabne taasisuun, sana booda cimee akka ittifufu taasisuun biyya cimtuu ijaaruudha.

Xiyyaarri Tsahaayi gara biyyaatti deebi'uu kan dandeesse hojii guddaa Minitirri Muummee Doktor Abiyyi Ahmad raawwataniini.

Xiyyaarri Itoophiyaa "Tsahaay" jedhamtu

gara biyyaatti deebifamuun agarsiiftuu cabiinsa seenaa suphuuf carraaqamaa jiruuti

Xiyyaarri Itoophiyaa "Tsahaay" jedhamtu gara biyyaatti akka deebituuf waliigalteen mallatteeffamuun injifannoo dippilomaasii guddaadha.

Gorsaan dhimma nageenyaa biyyaalessaa Ministira Muummee Ambaasaaddar Rediwaan Huseenis Xiyyaarri Itoophiyaa Itoophiyaadhaan hojjetamteefi "Tsahaay" jedhamtu gara biyyaatti akka deebituuf waliigalteen mallatteeffamuun injifannoo dippilomaasii guddaadha jedhan.

Ittidabaluunis, "Bara 1928 wixineefi ogeeyyii keenyaan hirmaannaa ogeessa biyya alaatiin kan hojjetamte xiyyaarri Itoophiyaa Tsahaay jedhamtu waliigalteen gara biyyasheetti deebi'uu ishee dandeesisuu mallatteeffameera. Waliigalteen kun injifannoo dippilomaasii guddaadha" jedhan.

Uggurri tajaajila geejibaa Shaneen labse fashalaa'eera

Rippooportara Gaazexichaatiin

Finfinnee: Uggurri tajaajilaa geejibaa gareen shororkeessaa Shaneen labsame qindoomina hawaasaafi mootummaatiin fashalaa'uu Biirron Kominikeeshiniin Oromiyaa ibse.

Hogganaan biirichaa Obbo Hayiluu Addunyaa ibsa kaleessa raawwii hojii mootummaa naannichaa kurmaana 2ffaa ilaalchisee miidiyaaf kennaniin akka jedhanitti, gareen shororkeessaa Shaneen gocha badii yeroo dheeraaf raawwachaa ture ittifufuun uggurri gabaafi geejibaa labse qindoomina hawaasaafi mootummaatiin fashalaa'eera.

Gareen kun durumaanuu qonnaan bulaan xaa'oo argatee omishaafi omishitummaan akka hinguddanne taasisaa turuu yaadachiisanii; ammas sochii geejibaafi gabaa ugguruu dabalatee sochii investimanitii gufachiisuufi namoota dhukkubsatan wal'aansa malee hanbisuuf uggura sochii labsuu dubbataniiru.

Akka barataan hinbaratne taasisuufi tajaajila mootummaafi ummataa gufachiisuun hojii diinummaa raawwachaa jiraachuu eeranii; ta'us faallaa garee kanaa mootummaan mareefi marabbaan nagaan buusuuf hojjechaa jiraachuu hubachiisaniiru. Waldhabbi jiru karaa nagaatiin xumuruuf harki araaraa diriire kan hindachaane ta'uufi filannoon kunis sirrii ta'uunsaa amantaa mootummaan ta'uu hubachiisaniiru.

Mootummaan naannichaa badhaadhina hundagaleessa milkeessuuf karoora xiiqii ariitii, qulqullinaafi baay'inaan inisheetiiwwan hojjirra oolchaa jiraachuu ibsanii; bara omishaa 2015/2016tti lafa hektaara miliyoona 8.2 qotuuf karoorfamee miliyoonni 9.8 sanyiin uwwifamee callaa kuntaalli miliyoona 253 (%95) sassaabamuu dubbataniiru.

Inisheetiivii misooma qamadii bonaa hektaara miliyoona 2.6 karoorsuun hektaara miliyoona 2.78 sanyiidhaan uwwisuudhaan callaa kuntaala



Obbo Hayiluu Addunyaa

miliyoona 105.8 akka eegamu ibsaniiru.

Milkaa'inni wabii midhaan nyaataafi sagantaa ashaaraa magariisaatiin Ministira Muummee Doktor Abiyi Ahmad badhaasa 'Agricola' argachiises akka naannichaatti cimee akka ittifufus himaniiru. Akka isaan jedhanitti, tajaajila lammummaatiin ijaarsi manneen barnootaa Bu'uura Boruu, suphiinsi manneen harkaqaal'eeyyii, ijaarsi mana jireenyaa barsiisotaa sadarkaa 1ffaa akkasumas deggarsa meeshaalee barnootaaf qarshiin biliyoona 65.7 ta'u sassaabameera.

Gama galiitiin galii idileerra qarshii biliyoona 42.36, mana qopheessaarraa qarshii biliyoona 9.83, keessorraa qarshii biliyoona 4.87 waliigalaan qarshii biliyoona 71.3 sassaabuuf karoorfamee qarshii biliyoonni 57.07 (%80) walittiqabamuu ibsaniiru.

Manneen yaala fayyaa 55 ijaaruuf karoorfamee keessaa manneen yaalaa 87 ijaaruun fayyaa hawaasaa dhibeeraa ittisuun danda'ameera jedhanii; namoota dhibee busaatiin qabaman kuma 945fi 942 yaaliin taasfamuufi saaphanni siree miliyoona torbaa ol namoota miliyoona 11 ta'an dhaqqabuus eeraniiru.

Namoota miliyoona 6.56 ol miseensa inshuraansii fayyaa taasisuuf karoorfamee namoota miliyoona 3.6 miseensa taasisuu himanii; kanneen hafanis baatii tokko hafe keessatti miseensa akka ta'aniif dhaamaniiru.

Godina Jimmaatti bunni kuntaalli miliyoona 2.5 sassaabame

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Godina Jimmaatti bara bajataa 2016tti buna kuntaala miliyoona 2.2 walitti qabuuf karoorfamee hanga ammaatti lafa hektaara kuma 275 irraa bunni kuntaala miliyoona 2.5 sassaabamuu Waajjirri Qonnaa Godinichaa beeksise.

Ittigafatamaa Itaanaan Waajjirichaa Obbo Awwal Kaaliil Kibxata darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, godinnisaanii omisha bunaaf lafaafi haala qilleensaa mijatu qaba. Aanaalee godinichi qabu hunda (21) keessatti lafa hektaara kuma 580 irratti bunni omishamaa jira.

Akkasaan jedhanitti, godinichi godina baroota dheeraaf hojiin misooma buna itti hojjetamaa ture waan ta'eef bunni dulloome baay'inaan argama. Omishaafi omishitummaa buna dabaluu hojiin buna gamashuufi sanyii buna tokko sanyii buna biraatiin bakka buusuuf xiyyeeffanno addaatiin hojjetamaa jira.

Hundeen buna waggaa 20 ol lakkoofsiseefi gamashamee omisha hinkennine guutuutti buqqa'ee biqiltuu buna haaraan bakka

bu'a. Bara kanas bunni lafa hektaara kuma 16 irra jiru guutuutti buqqa'ee biqiltuu buna birootiin bakka buufama.

Erga mootummaan jijjiiramaa gara aangoo dhufee fayyadamummaan qonnaan bulootaa buna omishanii dabalaa jiraachuu ibsanii, jijjiiramichaan qonnaan bulootni lafa omisha buna hektaara lamaafi isaa ol qaban kan baay'innisaanii 500 ol ta'an daldala alergii bunaarratti akka hirmaatan gochuun danda'ameera jedhan.

Haala mijaa'aa uumameeffitti fayyadamuun qonnaan bulootni waldaafi yuniyeeniidhaan gurmaa'anii omishasaanii gabaa addunyaatiif dhiyeessuun omishasaaniitirraa kallattiidhaan fayyadamaa ta'aa jirus jedhaniiru.

Sagantaan Ashaaraa Magariisaa misooma bunaaf carraawwan gaarii hedduu fidee dhufuu eeranii, sagantaa kanaan buufata biqiltuu 114 hundeesuun bara kana sanyii biqiltuu buna miliyoona 700 ol qopheessuuf hojjetamaa akka jiru himaniiru. Gabaa faana walqabatee qonnaan bulootaaf haalotni mijatoon uumamanis ammallee rakkoo jiru furuufi rakkolee dhiyeessiiratti mul'atan hambisuuf hojjiileen gara fuulduraatti hojjetamuu qaban jiraachuu himaniiru.

“Ulaan galaanaa Itoophiyaaf...”

murteessaa ta'uu hayyootni Saayinsii Siyaasaa ibsan.

Hayyootni kunneen ibsa Kamisa darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, ulaan galaanaa biyyi tokko hariiroo siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaa kallattiin biyyoota biroo waliin taasisuuf shoora guddaa qaba. Biyya guddina dinagdee saffisaa galmeessisaa jirtuufi naannawa Galaana Diimaatti argamtu, Itoophiyaaf ulaan galaanaa dhimma daran murteessaadha.

Yuunivarsiitii Finfinneetti barsiisaan Saayinsii Siyaasaa barataan digrii 3ffaa Obbo Shimallis Hayiluu akka jedhanitti, bara 1935 wayita Xaaliyaaniin Itoophiyaa weerarte Itoophiyaan karaa Jibuutiin meeshaa waraanaa akka hingalfanne dhorkamtus Xaaliyaaniin garuu akka garaasheetti galfachaa turte. Waraana Itiyoo-Eertiraarrattis qoqqobbiin meeshaa waraanaa taasisamee ulaan galaanaa dhabuuseen Itoophiyaarratti raawwatame malee Eertiraan galfachaa turte.

Ulaan galaanaa sochii dinagdeefi hawaasummaatiin ala nageenya biyya tokkooitiif dhimma murteessaadha jedhanii; kallattiin argama Itoophiyaa sochii nageenyaa, dinagdeefi hawaasummaa addunyaaf murteessaa waan ta'eef birmadummaafis ta'e fayyadamummaa dinagdeef ulaan galaanaa dirqama ta'uu hubachiisaniiru. Itoophiyaan ulaan galaanaa waan hinqabneef osoo rakkoon nageenyaa uumamee akka biyyoota kaanii achitti qolachuun hafee hanga daangeeshee dhufee seenutti eeguuf akka dirqamtus hubachiisaniiru.

Sochii Itoophiyaan ulaan galaanaatiin ala taasisu hundi waan qaama biraatiin ta'atamuuf dhimmi birmadummaa gaaffii keessa seena kan jedhan Obbo Shimallis; Itoophiyaan rakkoo kana hubatee sochii jalqabde gufachiisuuf waciifi dhiibbaan taasisamaa jiru biyyattii qabaa jala

turuuf yaadamee ta'uus ibsaniiru.

Egalamuu dippiloomaasii Itoophiyaatii jalqabee qormaata guddaa kan ture hariiroo dippiloomaasii naannawa Galaanaa Diimaafi Garba Hindii ta'uus yaadachiisaniiru.

Sudaan Kibbaafi Itoophiyaarraa kan hafe biyyootni gaanfa Afrikaa hundi ulaan galaanaa qabu. Ammaan tana ulaan galaanaa calaqqee dippiloomaasii cimaa waan ta'eef Itoophiyaan fayyadamummaashee mirkaneeffachuuf dhimma ulaan galaanaarratti hunda waliin hojjechuu qabdi jedhan. Dhimmi ulaan galaanaa dhimma murteessaa, waca miidiyaa caalaa hanga Mana Maree Nageenyaa Mootummoota Gamtoomaniitti hojii dippilomaasii cimaa gaafatuudha kan jedhan ammoo Yuunivarsiitii Salaaleetti Barsiisaa Seeraa Piroofeesara Gargaaraa Zalaalam Tasfaayecti.

Akka isaan jedhanitti, waliigalteen Itoophiyaafi Sumaaleelaand gidduutti taasisame madda waldhabbi ta'aa jiru dhimma Itoophiyaafi Somaaliyaa osoo hintaane dhimma Somaaliyaa Sumaaleelaandi akka ta'uuf Itoophiyaan cimtee hojjechuu qabdi.

Itoophiyaa waliin waliigaltee kan mallatteessite Sumaaleelaandi osoo jirtuu Somaaliyaan sababa ittiin Itoophiyaaf ajandaa godhattu hinjiru jedhanii; Itoophiyaan hojii manaa Somaaliyaa Sumaaleelaandi hojjechuuf osoo hintaane akkuma biyya kamuu fayyadamummaa waloof hojjechaa jiraachuu ibsaniiru.

Haa ta'uu malee jedhan hayyoon kun, waca kana duuba fedhiin hedduun waan jiruuf seera jabaa baasuunis ta'e waraanaan mirkaneessuuf waan hindanda'amneef akkuma jedhame qajeeltoo kennanii fudhachuutiin hojiin dippiloomaasii cimaan hojjetamuu qaba. Waci kun hundi aantummaa mul'isu baatus biyyootni guddinni Itoophiyaa dhukkubbii mataa itti ta'uu akka jiran shakkiin akka hinjirres ibsaniiru.

Badhaasa olaanaa 'Agricola...

Doktor Abiyi Itoophiyaan qamadii alaa galchuu dhiisuu qofa osoo hintaane alatti erguun hojiidhaan hiyyummaan seenaa akka ta'uu mirkaneessiteetti. Hoggansi kun diinummaa waggoota 20 oliif Itoophiyaafi Eertira gidduu ture jaalalaan goolabuun badhaasa noobelii nageenyaa harka galfachuunsaniin ni yaadatama. Daarektari Olaanaa 'FAO' Kiyuu Dongyuun sirna badhaasichaarratti "Hojii gama wabii nyaataafi ashaaraa magariisaan Itoophiyaan hojjette wabii Afrikaa qofa osoo hintaane wabii addunyaati. Qamadii biyya alaa galchuun hafee alatti erguu danda'uun fakkeenyummaa gaariidha. Jireenya ummata baadiyyaa fooyyessuuf tattaaffiin taasisamee daran boonsaadha. Qormaata jijjiirama haala qilleensaa addunyaaf yaaddoo ta'e maqsuuf Itoophiyaan biyya waggoota muraasa keessatti biqiltuu biliyoona 25 dhaabuu dandeesedha" jechuun bilchina hoggansaa Doktor Abiyi Ahmad dhugaa ba'an. Itoophiyaan midhaan nyaataatiin of danda'uuf waggoota muraasa keessatti bu'aa abdachiisaarra ga'uusheef omishni qamadii fakkeenya gaariidha. Fakkeenyummaan Itoophiyaa kun ammoo addunyaaf barumsa guddaadha. Tattaaffii

midhaan nyaataatiin of danda'uu Itoophiyaaf dhaabbatnisaanii tumsa taasisu cimsee akka ittifufu kan ibsan ammoo Daarektara Olaanaa Dhaabbata Misooma Industirii Mootummoota Gamtoomani Gaardi Muleri.

Biyyi sirna bittaa koloniirraa walaba taate Itoophiyaan nyaattee buluuf alatti hiixataa wanti bilisummaa jedhu hiika dhaba. Akkuma sareen bakka nyaattuu dutti Oromoon jedhamu harka koloneeffattootaarraa nyaachaa walabummaan dantaa ofii murteessuun rakkisaadha.

Kanumaaf Akka Doktor Abiyi, galtewwan qonnaa omisha industirii faayidaa olaanaa qabaniratti xiyyeeffachuun bu'aa abdachiisaa galmeessuuf bu'uura ta'uu himanii; imala birmadummaa wabii midhaan nyaataa mirkaneessuu daran jabeessanii kan ittifufan ta'uu kan ibsaniif. Qabeenya uumamaa jiru hunda sakatta'anii misoomsuun biyya badhaate dhalootatti dabarsuun dirqama ta'uus hubachiisan.

Doktor Abiyi hoggansaafi dhaabbilee idiladdunyaa garagaraa waliin dhimmoota adda addaarratti maarii bu'aaqabeessaa taasisaniiru.

Labsiin Yeroo Hatattamaa...

tanas aanaalee tokko tokkotti rakkoon nageenyaa waan jiruuf dheerachuunsaa barbaachisaa ta'uu eeraniiru. Ta'us labsii kanatti fayyadamuun lammailee nagaan hidhuufi hiraarsuun akka hinmudatneef of eeggannoon taasisamuu akka qabu hubachiisaniiru.

Walittiqabaan Boordii Qorannoo Labsii Yeroo Hatattamaa Obbo Azmaraawu Andaamoo akka dubbatanitti, hordoffiifi ta'annoo baatiilee ja'an darbanitti taasisameen namoota kuma torbaafi 196 shakkiin ta'annaa seeraa jala oolan keessaa

kuma shanii ol leenjiin haaromsaa kennameefii gadilakkifamaniiru.

Xumurrattis manni marichaa yaadni murtii dhiyaateef labsii lakkoofsa 5/2016 ta'ee mormii lamaan, dhorkannaa sagalee sadiifi sagalee caalmaadhaan akka dheeratuuf raggaasisera.

Yaada murtii dheeressuu bara hojii boordii qorattu raawwii labsii yeroo hatattamaa dheerachuu labsii yeroo hatattamaa hordofee dhiyaateef labsii lakkoofsa 6/2016 ta'ee mormii lamaan sagalee caalmaatiin raggaasisera.



Fiigicha guddaa, seena qabeessa Wancii

Wancii: Oromiyaatti dorgommiin fiigicha guddaa Ikoo Turizimii Wancii-Dandii jedhamuun moggaafame yeroo jalqabaatiif naannawa Haroo Wanciitti fageenya kiiloometira 10n adeemsifameera torban har'aa.

Milkaa'ina kanaafis Looreetiin Nagaa Addunyaa, Ministirri Muummee Itoophiyaa Doktor Abiyi Ahmad sagantaa Maaddiin Biyyaaf jedhuun pirojektota guguddoo seenaa biyya keenyaa keessatti adda ta'an hojjiitti hiikuun damee turizimii utubaa dinagdee taasisuuf xiyyeeffannoo kennanii hojjechaa kan jiran yoo ta'u, Pirojektiin Wancii-Dandii isa tokko.

Haalli kun walitti hidhamiinsa ispoortii turizimii biyya keenyaatti baratamaa waan hinturreef balbala kan baneedha.

Kaayyoonaa atileetota biyya keenya keessaafis ta'e alaatiif iddoowwan oolmaa ispoortii dargaggootaa sadarkaasaa eeggate akka jiraatu gochuu kan kaayyeffateedha.

Fiigichichis kan adeemsifame Amajjii 18 bara 2016 atileetonni beekamoo kilaboota ciccimoo biyya keenyaa, maanguddoota umurii ganna 50 oliifi 50 gadii, kana malees kanneen Ugaandaafi Keenyaarraa dhufanis kan hirmaachise ture.

Dorgommicha atileetiin kilaba Shaggar Siiiti Addisuu Nagaash tokkoffaa ba'uun mo'achuudhaan seenaa haaraa galmeesseera.



Mogos Ammayyee Humna Elektirikirraa lammaffaa, Eeliyaas Caannee Akkaadaamii Atileetiksii Xurunash Dibaabaarraa sadaffaa ta'uun meedaaliyaa warqii meetiifi nahaasaa, akkasumas qarshii kuma 150, kuma 90fi kuma 80 walduraa duubaan badhaafamaniiru.

Dubartootaan ammoo Atileet Geexee Alamaayyoo kilaba Konistiraakshinii Injinariingii Oromiyarraa, Footoon Tasfaayee Baankii Daldalaa Itoophiyarraa, Nuuriit Alamaayyoo dhuufaadhaan tokkoffaadhaa hanga sadaffaa bahuun qarshii kuma 150, kuma 90fi kuma 80, akkasumas meedaaliyaa warqii, meetiifi nahaasaa walduraa duubaan badhaafamaniiru.

Akkasumas gareedhaan dubaraan Konistiraakshiniin Injinariingii Oromiyaa qabxii 17n, dhiiraan Humni Elektirikii qabxii 55n shaampiyoonaa fiigicha guddaa Wancii Dandii bara 2016 ta'aniiru.

Guyyaa sagantaan kun adeemsifametti Pirezidaantii Ittaanaan Dursaan Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaa Atileet Gazzaahany Abarraa Gaazexaa Bariisaaf akka ibsetti, mootummaan iddoowwan oolmaa ispoortii babal'isuuf kutannoosaa olaanaa waan ta'eef jajamuu qaba.

Ispoortii fi Turizimiin, akkasumas ispoortii dargaggoonni addaan hinbahan. Kanaafuu iddoon

bashannanaa kun asitti banamuun naannawa biroofis fakkeenyummaan kan eeramuudha jedha.

Bakkichi lafa olka'aadha. Atileetiksiin ammoo lafa olka'arratti adeemsifama. Atileetiin asitti mo'ate essattuu yoo dorgomu nimo'ata. Kanaafuu iddoon kun atileetiksiiidhaaf bakka filatamaadha jechuun ibseera.

Nuyis abbootiin qabeenyaa Hoteela ijaaruuf malee iddoo oolmaa ispoortiiif yaada hinqabnu kan jedhe atileetichi, Doktor Abiyi Ahmad garuu sammuu dargaggootaa ijaaruuf iddoowwan oolmaa ispoortii ijaaraa jiru. Abbootiin qabeenyaa wayita iddoo bashannanaa ijaaran ispoortiidhaaf bakka olaanaa kennuu qabu jechuun dhaameera.

Dargaggeesa qaama cimaa, sammuu ifaa, horataafi abdi boruu biyyaa akka ta'u beekuura darbinee kunuunsinee yoo guddisne qofa dhaloota seenaa hojjetee seenaa dabarsuu danda'utu horatama.

Haaluma kanaan iddoowwan bashannanaafi oolmaa ispoortii babal'isuun barbaachisaa ta'uu kaaseera. Shaggar siitiirraa tokkoffaa ba'uun kan mo'ate Atileet Addisuu Nagaash, seenaa biyya keenyaa keessatti jalqabaaf iddoo hawwataa akkanaatti mo'achuu kootti gammadeera jedhe.

Biyyoonni irboo maahessaatiif darban har'aafi boru taphatu

Finfinnee: Amajjii 4 bara 2016 irraa kaassee magaalota Kootdivaariitti adeemsifamaa kan jiru wal-morkiin waancaa kubbaa miilaa Afrikaa 34ffaan taphawwan hanga ammaatti adeemsifamanitti biyyoonni saddeet Irboo maahessaatiif darbaniiru.

Isaanis qopheesituu waancaa Kootdivaar, Angoolaa, Naayijeeriyaa, Giinii Konaakirii, Riippaabilika Dimokraatawaa Koongo, Maalii, Keepvardiifi Afrikaa Kibbaati.

Taphni irboo maahessaa kunis kaleessaafi har'aa kan adeemsifamu yoo ta'u, qabxiinsaani maxxansaaf nuu dhaqqabuu baatus kaleessa Naayijeeriyaa Angoolaan, Riippaabilika Dimokraatawaa Koongoofi Giinii Konaakirii taphataniiru. Har'a ammo Maaliifi Kootdivaar, Keepvardiifi Afrikaan Kibbaa ni taphatu.

Seenaa waancaa kubbaa miilaa Afrikaa keessatti biyyoonni waancaa yeroo baay'ee fudhachuudhaan beekaman Misir, Gaan aa, Kaameerun, Aljeeriyaa, Tuuniziyaa, Morookoo kfk tapha baranaa kanatti yeromaan mo'amani gara biyyasaaniitti dacha'aniiru.

Biyyoonni baldhina lafaatiins ta'u baay'ina ummataatiin xinnoo ta'an kanneen akka Keepvardiifi Giinii Konaakirii biyyoota guguddoo kubbaa miilaatiin maqaa olaanaa qaban mo'achuudhaan tapha irboo maahessaatiif darbuunsani kutannoo qaban kan agarsiisuudha.

Ispoortii aadaa marsaa 29ffaafi feestivaala aadaa 19ffaa Ambotti

Amboo: Utuu ispoortii ammayyaa biyya keenya hinseeniin dura baldhinaan adeemsifamaa kan turan ispoortiiwwan aadaati. Haata'u malee ispoortii aadaa akkuma ispoortiiwwan ammayyaa bal'inaan adeemsisamuurra duubatti deebi'uudhaan quucaraa ture. Kanumarraa kan ka'e hirmaattonnisaa baay'ee xinnaachaa dhufuudhaan ispoorticharraa fagaatan.


Ispoortii aadaa kan akka gulufa fardaa, tapha saddeeqqaa waldhaansoo, korboofi qillefaan akka hinirraanfatanneefi ummatnis irratti akka hirmaatuuf Biirron Dargaggoofi Ispoortii Oromiyaa xiyyeeffannaan irratti hojjechaa jira.

Haaluma kanaan qopheessummaa Federeeshinii Ispoortii Aadaa Oromiyaatiin waggaa waggadhaan shaampiyoonaan ispoortii aadaafi feestivaaliin aadaa Oromiyaa godinaaleefi bulchiinsoota magaalota naannichaa jidduutti erga adeemsifamuu jalqabee bubbuleera.

Federeeshinichi ispoortiiwwan aadaa cimsuuf ispoorteessitoota muraasaan hirmaachaa turus ammaantana godinaaleefi bulchiinsonni magaalotaa baay'inaan dabala dhufuun miidhaginaan adeemsisamaa tureera.

Shaampiyoonaan ispoortii aadaa 29ffaafi feestivaaliin aadaa Oromiyaa 19ffaan baranaas Amajjii 18 bara 2016 haala hawwataadhaan magaalaa guddoo Godina Shawaa Lixaa, Ambotti jalqabameera.

Ittigaafatamaan Waajjira Federeeshinii Ispoortii Aadaa Oromiyaa Obbo Baqqalaa



Sturri Ashannaa fi Guddataatiin

Iraasuu ibsa Magaalaa Ambootti Gaazexaa Bariisaatiif kennaniin akka jedhanitti, ispoortii aadaa Oromiyaa yeroodhaa gara yeroo guddachaa dhufuudhaan hirmaattonnis dabalamaa jiru jedhu.

Guddinaafi babal'ina ispoortii aadaa keenyaaf mootummaan naannichaa xiyyeeffannaa guddaa kennuudhaan yeroo gabaabaa keessatti dargaggoonni keenya bal'naan akka irratti qooda fudhataniif ga'ee olaanaa taphachaa jiraachuu eeru.

Ispoortii aadaa duudhaa abbootii keenyaati. Dargaggoonni keenyas ispoortii kanaaf xiyyeeffannaa kennanii irratti cichanii tursiisu qabu. Ispoortii aadaa kana babal'isuun ammoo guddina ispoortiiwwan godinaaleef bu'uura guddaa ta'a jedhan.

Shaampiyoonaa baranaa kanarraatti godinaalee 20fi bulchiinsonni magaalaa 13 akaakuuwwan ispoortii 10n hirmaachaa jiru.

Hirmaattota kanneen keessaa bulchiinsota magaalarraa dhiiraan 250, dubaraan 156 godinaaleerraa dhiirri 550, dubartoonni ammoo 505 walumaagalatti ispoorteessitoonni 1461 hirmaachaa jiru.

Yeroodhaa gara yerootti miidhaga kan dhufe feestivaalii aadaa Oromiyaaf ammoo walumaagalaatti dargaggoonni 461 waantota aadaa godinasani calaqqisiisan qabatani hirmaachaa jiraachuu ittigaafatamichi eeraniiru.

Shaampiyoonichi hangaa Amajjii 30 bara 2016tti dirreewwan ispoortii adda addaafi galmootatti guyyaa guyyaadhaan adeemsifamaa jiraachuu ibsaniiru.

Sababiin shaampiyoonaan kun adeemsisamuufis shaampiyoonaa aadaa 21ffaa biyyaalessaa barana Finfinneetti qophaa'urraatti ispoorteessitoota Oromiyaa bakka bu'uun hirmaatan filachuuf ta'uus Obbo Baqalaan addeessaniiru.